# Qaaccessa Wal-simannaa Qabiyyee Qormaata Barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaa Fi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin Bara 2013 Fi 2014 Qophaa'an

**ASHABBIR ZALLAQAA WALDEE**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf qophaa'e Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fooklooriif Dhiyaate**

**Yuunivarsitiii Finfinnee Koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii, Ogbarruu Fi Fookloorii**

**GORSAA: XILAAHUN TALIILAA (PHD)**

## Hagayya 2016

**FINFINNEE OROMIYAA**

# Qaaccessa wal-simannaa Qabiyyee Qormaata Barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaa Fi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin Bara 2013fi 2014 Qophaa’an

**ASHABBIR ZALLAQAA WALDEE**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Qophaa’e Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fooklooriif Dhiyaate**

**Yuunivarsitiii Finfinnee Koolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii, Ogbarruu Fi Fookloorii**

**GORSAA: XILAAHUN TALIILAA (PHD)**

**Hagayya 2016**

**FINFINNEE OROMIYAA**

Yuunivarsiitii addis ababaa

Dhaabbata Digirii Duraa Booddee

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Dirribaa Oliiqaatiin mata duree, “*Qaaccessa wal Simannaa Qabiyyee Qormaata Barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaa Fi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin Bara 2013fi 2014 Qophaa’an: irratti kan xiyyeeffate* kan jedhuun qophaa’e, sadarkaa Yuunvarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa:

Qoraa Alaa: ____________________ Mallattoo __________ Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa: _________________ ___________ __________________

Gorsaa: ______________________ ___________ _________________

____________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaaffaa (MA)


***Axereeraa***

*Kaayyoon qorannoo kanaa Qaaccessa walsimannaa Qabiyyee Qormaata Naannoo Barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan irratti xiyyeeffachuun sakatta’udha. Kanaaf meeshaaleen ragaan ittiin funaaname sakatta’insa dookimantii, afgaaffiifi bargaaffii yoota’u, ragaa kanneeniin funaaname qaacceessuuf malli*

*makaa (hammamtaafi akkamtaan) tajaajila irra oolanii jiru. Ragaalee gabateen dhiyeessuun dhibbeentaafi lakkoofsaan tarreeffamanii jiru. Akkasumas, mala sakatta'a ibsaa gargaarame jira.Kunis dookimantii argaman bal'inaan ibsuuf tajaajila. Tooftaa iddatteessuu miti carraatti dhimma baheera. Gosoota iddatteessuu miti carraa keessaa ammoo, iddeessuu akkayyoo ykn kaayyeffamaatti gargaarameera. Bu'uuruma kanaan, dookumantiin qormaata barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ bara 2013fi 2014 sakatta'ameera. Ragaalee afgaaffii barsiisota shanirraa funaanamefi bargaaffiin kudhan barattootaaf dhihaate qaacceffamee jira. Qaaccessa geggeeffameen bu'aan argame akka ibsutti, qabiyyeen kitaaba barataa kutaa Barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$fi qormaata Naannoo waliin walsimannaan isaan qaban gaarii ta'uu isaa adda baheera. Kunis walsimsnnaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata Naannoo ta'uufi walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata Naannoo gaarii akka ta'eefi walgiitinsi isaanii darbee darbee walbuusa ta'uun adda baafameera. Dhumarraattis, qorataan argannoowwan qorannichaa bu'uura Taasifachuun akkaataa qabiyyeen kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata Naannoo walsimannaa qaban irratti yaadni furmaataa qopheessitoonni kitaaba barataafi qormaataa tokko ta'uun yoo qopheessan gaarummaa qabata. Kunis, warri qormaata naannoo qopheessan ykn qaamni dhimmichi ilaalatu hundi qabiyyeen kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata Naannoofi bulchiinsa Magaalaa Finfinnee yeroo qophaa'u fiwalitti dhiheenya (walsimannaa) akka qabataniifi akkaataa wal madaaluu danda'uun akka dhihaataniif yaboon qoratichaan kaa'ameera. Galata Qorannoo kana hojjedhee akkan xumuruuf namoota karaa adda addaa gorsaafi deeggarsa naaf taasisan nan galatteeffadha. Jalqabarratti mataduree qorannoo naaf kenname qixa sirrii ta'een akkan hojjedhuuf gorsaafi waantota barbaachisan kan tumsa naaf taasisan, akkasumas, mata-duree filachuudhaa hanga raawwii qorannootti deeggersa kan naaf kennan Dr. XilaahunTaliilaa nan galateeffadha. Dhumarrattis barsiisota barnoota Gadaa Mana barumsaa Shanoo i barsiisan afgaaffii koo irratti deeggarsa naa taasaniif guddaan galateeffadha*

## Galata

Duraan dursee Waaqayyoo uumaa koo isa waan hunda uumee fi hojii kiyya akkan fiixa baasuuf na gargaareef galanni koo daangaa hin qabu. Itti aansuun hojii qorannoo koo kanaaf yeroo kamiyyuu fi haala kam keessattuu ogummaa, muuxannoo fi beekumsa qabaniin nuffii tokko

malee tajaajila gorsaa kan naaf kennaa turan, Dr. Xilaahun Taliilaa ulfaadhaa! Galatoomaa! Jechuun barbaada. Kana malees, adeemsa hojii qorannoo kana keessatti barsiisonni, barattootnii fi qaamonni galma ga'insa qorannoo kanaaf gumaacha naaf taaasiftan galatoomaa! Horaa bulaa! Osoo hin jedniin bira hin darbu. Dhumarratti mana barumsa Shanoo sadarkaa $2^{ffaa}$ fi hooggansa mana barumsichaa gargaarsa naaf taasifataniif naaf jiraadhaa! Keessumattuu dura bu'aa mana barumsichaa gargaarsa kompiiteraa fi waraqaa afgaaffii fi bargaaffii naaf gumaachuun gargaarsa naaf godheef galatni koo daangaa hin qabu! Umurii arraagessaa siif haa laatu jechuun barbaada

## Baafata

Qabiyyee ……………………………………………………………………………………..Fuula

Axereeraa.........................................................................................................................................i

Galata ...........................................................................................................................................ii

Baafata………………………………………………………………………… ………...iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....................................................................................................1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........................................................................1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........................................................................4
1.3. Gaaffilee Qorannichaa ........................................................................4
1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ........................................................................5
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........................................................................5
1.4.2. Kaayyoo Gooree ........................................................................5
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........................................................................6
1.6. Daangaa Qorannichaa ........................................................................6
1.7. Hanqina Qorannichaa ........................................................................6
BOQONNAA lAMA: SAKATTA’A BARRUU ........................................................................8
2.1. Maalummaa Qormaata ........................................................................8
2.2. Seenaa Qorumsa Afaanii ........................................................................11
2.3. Faayidaa Qorumsa Afaanii ........................................................................12
2.4. Gosoota Qormaataa ........................................................................14
2.4.1. Qormaata Ramaddii ........................................................................14
2.4.2. Qormaata Ciminaafi Dadhabina Adda Baasu ........................................................................15
2.4.3. Qorumsa Hubannoo ........................................................................15
2.4.4. Qorumsa Ga’umsaa ........................................................................16
2.5. Amaloota Qormaata Gaarii ........................................................................17
2.5.1. Ga’umsa ........................................................................17
2.5.2. Amanamummaa ........................................................................19
2.5.3. Qabatamummaa ........................................................................20
2.5.4. Hojiirra Oolmaa ........................................................................22
2.6. Barbaachisummaa Qormaata Naannoo ........................................................................22
2.7. Qormaatni tokko yoo Qophaa’u, maal maal bu’uurreffata? ........................................................................23

2.8. Maalummaa Meeshaalee Barnootaa ....................................................................24
2.8.1. Akaakuu Meeshaalee Barnootaa....................................................................25
2.8.1.1. Silabasii ....................................................................................................25
2.8.1.2. Kitaaba Barataa .........................................................................................26
2.8.1.3. Qajeelcha Barsiisaa ...................................................................................27
2.8.2. Faayidaa Meeshaalee Barnootaa....................................................................28
2.9. Sakatta'a Barruu Walfakkii ..............................................................................28
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA .................................................................. 30
3.1. Saxaxa Qorannichaa........................................................................................30
3.2. Mala Qorannichaa ...........................................................................................30
3.3. Irraawwatama Qorannichaa..............................................................................31
3.4. Mala Iddaatteessuu...........................................................................................31
3.5. Madda Ragaalee Qorannichaa ..........................................................................32
3.5.1. Meeshaalee Funaansa Ragaalee.......................................................................32
3.5.2. Sakatta'a Dookumantii....................................................................................32
3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu..........................................................................34
3.7. Tooftaalee Xiinxala Ragaalee............................................................................35
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI QAACCESSA RAGAALEE ........................................ 36
4.1. Ibsa Gabaabaa Madda Ragaalee .......................................................................36
4.1.1. Ibsa Gabaabaa Kitaaba barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa ........................................36
4.1.2. Ibsa Gabaabaa Qormaata Naanno kutaa 8ffaa Kan Bara 2013fi 2014 ....................37
4.2. Qaaccessa Walsimannaa Qabiyyee Qormaata Barnoota Gadaa Kutaa8ffaa bara 2013fi 2014 qophaa'e. ...........................................................................................38
4.3. Qaaccessa Ragaalee Dookimantiirraa Argaman.................................................54
4.3.1. Xiinxala Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2013.......................55

4.3.2. Xiinxala Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014............................56
4.4. Qaaccessa AFgaaffii Barattootaa.........................................................................59
4.5. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisota Irraa Argame.................................................................60
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.......................................................62
5.1. Cuunfaa Qorannichaa..............................................................................................62
5.2. Argannoo Qorannichaa............................................................................................64
5.3. Yaada Furmaataa ....................................................................................................66
Wabii.......................................................................................................................68
Dabaleewwan..............................................................................................................72

## Baafata Gabateewwanii

Gabatee 1. Walsimannaa Qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaabara 2013 qophaa'e...... 39
Gabatee 2. Gaaffilee kallattiin Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kanbara 2013 qophaa'e .. 42
Gabatee 3. Gaaffiee hariiroo Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kanbara 2013 qophaa'e ..... 44
Gabatee 4. Walsimannaa Qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 qophaa'e....47
Gabatee 5. Gaaffilee kallattiin Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kanbara 2014 qophaa'e.........................................................................................................50
Gabatee 6. Gaaffiee hariiroo Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kan bara 2013 qophaa'e. 52
Gabatee 7: Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata Naannoobarnoota Gadaa kuta 8ffaa afgaaffii barattootaarraa argame.......................................................................59

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Galma gahinsa adeemsa barachuufi barsiisuuf qormaanni qooda olaanaa qaba. Kana malees, qormanni meeshaalee barnootaa qabiyyicha qabatamaa taasisuu danda'an fayyadamuun kan qophaa'udha. Akkasumas, meeshaaleen barnootaa haalaan karoorfamee qindaa'uun qophaa'uu akkuma barbaachisu hariiroon isaan qabanis, jabaa ta'uu qabu. Irra caalaatti barattoonni qabiyyeen kitaabaa barataniifi shaakala isaan qabiyyee kitaaba barnootaa keessatti godhan yoo walsimannaa kan qabaatu ta'e, qormaata qoraman sana keessatti bu'aa guddaa qabaachuu isaa hubachiisa.

Galma gahumsa qormaataa keessatti, meeshaaleen barnootaa kunneenis: akka Dirribaan ,(2011:1), ibsutti, "Silabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, meeshaalee deeggersaa kan of keessatti qabatudha." Jedha. Meeshaaleen kunneenis, wal deeggaruun akkaataafi adeemsa baruu-barsiisuu fiixaan baasuu keessatti shoora olaanaa taphatu. Akkasumas, meeshaalee barnootaa keessaa kitaabni barataa qaama tokko ta'ee, qorumsi naannoo kutaa Saddeettaffaa Biiroon barnoota Oromiyaa fi Bulchiinsa magaalaa Finfinneetiin yoo qophaa'u kitaaba barataa waliin akkaataa walitti dhufeenya qabuun qindaa'uu danda'uu qaba.

Kana malees, qorumsi qophaa'u kamuu silabasii ka'umsaa taasifachuun kitaaba barataa irraa qophaa'uu qaba. kana jechuun, kitaabni barataa silabasii ka'umsaa taasifachuun qophaa'a; qormaanni immoo kitaaba ka'umsaa taasifachuun qophaa'uu qaba jechuudha. Yaada kanaaan walqabatu Dirribaan,(2011:1), yoo ibsu, "Meeshaaleen barnootaa hunduu waliin qindaa'uun baruu-barsiisuu galmaan ga'uun qulqullina barnootaa mirkaneessu. Kunis kan ta'uu danda'uu meeshaalee barnootaa fayyadamuun barattoota barsiifamaniif qormaata kennuun barattootaa madaaluufi murtee kennuuf gargaara." Jedha. Yaduma armaan olii kana kan dhugoomsu, Dirribaan, (2011:1) yoo ibsu,

> *Qormaanni barsiisaan tokko barumsa barsiisuun dura beekumsa barattoonni qaban beekuuf, beekumsa wayitii baruu barsiisuu,erga baratanii booda barattoonni barumsa hangam takka akka hubataniifi akka hordofan, dandeetti yoo ta'e hangam takka akka shaakalan addaan baasuuf jecha kan kennamu. Akkasumas odeeffannoo adda addaa argachuuf gocha nama gargaaruudha. Linn*

*and Gronlund (1995) ,akka jedhaniitti qormaanni ykn madaalliin jalqaba irratti, osoo barnoonni adeemsifamaa jiruufi dhuma barnootaa irratti kennamuu mala. Meeshaaleen barnootaa hunduu waliin qindaa'uun baruu-barsiisuu galmaan ga'uun qulqullina barnootaa mirkaneessu. Kunis kan ta'uu danda'u, meeshaalee barnootaa fayyadamuun barattoota barsiifamaniif qormaata kennuun barattootaa madaaluufi murtee kennuuf gargaara. Jedha.*

Kanamalees, qorumsi dhimma akkaataa barachuu barattootaa hubaannoo sirriifi qabatamaa ta'e walitti funaanuuf jedhamee deebiiwwan gaaffilee dhiyaataanii deebii sirrii ta'an akka qabaatu taasifamee kan qindaa'u, walitti qabama (tuuta) gaaffiiwwaniiti. Akkasumas, qorumsi madaalamtoonni gosa barumsaa qophaa'eef sana hammam akka danda'aniifi hubannoo isaanii adda baasuuf gocha tajaajiludha. Dabalataan, qormaanni madaallii haaromsa gochaafi ida'ama beekumsa haala adeemsa barumsichaatiin gonfatamudha. Kanumaan walqabatee, Dirribaan (2011:2), "Seenaan qormaata guutuu biyya Itoophoyaa keessatti kennamu seenaa jijjiirama imaammata barnootaan kan walqabatedha." Jechuun ibsa.

Bu'uuruma kanaan bara 1994, qorumsi guutuu biyyaa kutaa kudha lammaffaa ($12^{ffaa}$) kennama kan ture ta'ee osoo jiruu, kutaa kurnaffaa ($10^{ffaa}$ttis) kennamu jalqabe. Kunis, ogeeyyii barnootaatiin kan qindaa'uufi kan ilaalamudha. Kanaafuu, qormaatni tokko madaalamuu kan qabu ogeessa qormaataatiin, qorattootaafi ogeessa barumsaatiin ta'uu qaba jechuu akka ta'e Dirribaan lafa kaa'eera. Yaada kana kan utubu Dirribaa Oliiqaa, (2011) akka ibsutti,

"*Qormaanni guutuu biyyaa yeroo qophaa'u qulqullinaafi amanamummaa qormaataa haala xiyyeeefateen akkasumas ga'umsaafi qulqullina qormaataa cimsu ta'uu qaba. Qormaanni guutuu biyyaa ga'umsiifi amanamummaan qormaata guutuu biyyaa mirkaneessuuf akka guutuu biyyaatti kennama"* jedha.

Qormaanni Barnoota Gadaa kutaa Saddeettaffaa Naannoo Oromiyaa keessatti Biiroo Barnoota Oromiyaatiin kan qophaa'u yoota'u, Kan bulchiinsa magaalaa Finfinnee ammoo, Biiroo barnoota Bulchiinsa magaalaa Finfinneetiin kan qophaa'u ta'ee, gosti barnoota sanaa tokko waan ta'eef, Afaan Oromoon kennamaa waan jiruuf qabiyyee kitaabichaa fi dandeettii barataa naannolee lamaanii giddu galeeffachuun qophaa'uu qaba.

Qorumsi adeemsa baruufi barsiisuu fiixaan baasuuf human guddaa kan qabudha. Itti dabalees, qormaanni meeshaa safartuu yookiin mala (amala) madaaluuf gargaaru yookiin amala waan tokkoo hubachuufi tilmaamuuf fayyadudha. Barnoonni Gadaa akka gosa barnoota tokkootti mataa isaa danda'ee manneen barnootaa Oromiyaa hundaafi bulchiinsa magaalaa Finfinnee

keessatti akka kennamu taasifameen yeroo ammaa kanatti manneen barnootaa keessatti kennamaa kan jiru yoo ta'u, akka gosa barnoota tokkootti of danda'ee kan barsiifamuu jalqabe bara 2013 ALIttidha. Kanaafuu, barnoonni Gadaa, seenaaa yeroo dhiyoo kan qabudha.

Gama biraatiin, qormaatatti gargaaramuudhaan murtii garaa garaa kennuun ni danda'ama. Murtiin kennamu kun, iyyaafannoo deebii barattoonni madaallichaaf laataniinidha. Kun ammoo, iyyaafannoo sirrii dhimma barattoota sanaa murtoo kennisiisuu danda'u bira gahuuf gaaffiin qormaataaf qophaa'ee bahu, gahumsa sirrii ta'e qabaachuu qaba.

Akkasumas, qorumsi faayidaa kan qabu ta'ee, amaloota qormaata gaarii kanneen akka: ga'umsaa, qabatamummaa, dhugummaa, hojiirra oolmaafi kan kana fakkaatan kan of keessaa qabaachuu isaa Dirribaan,(2011:2),ibseera. Kana malees, walsimannaan qabiyyeewwan qormaata irratti qindaa'anii qophaa'an qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti argaman wajjiin walsimataa ta'uu qabu. Kanaafuu, qabiyyeewwan qormaata irratti qophaa'an hundumtuu qabiyyeewwan dandeettii barattootaa madaalaniifi barattoonni irratti shaakalan ta'uu qabu. Dhimma kana Dirribaan, (2011) akka ibsutti,

> "*Qormaanni biyyolessaa Ministeera Barnootaatiin kan qophaa'uufi qajeelfama garaa garaa qopheessuun hojiirra oola. Qajeelfamni adda addaa kara Ministeera barnootaa waantonni barbaachisan hojiirra akka oolu ni taasisa. Haaluma kanaan barumsi Afaan Oromoo kan jalqabame bara 1984 ALI irraa jalqabee kennama jiraachuun isaa ni beekama."* Jedha.

Haaluma kanaan, Barnoonni Gadaa of danda'ee akka gosa barnoota tokkotti kutaa tokkoffaa irraa jalqabee hamma kutaa saddeettaffaatti kennamaa jira. Barnoonni Gadaa mataa isaa danda'ee manneen barnootaa sadarkaa l^ffaa Naannoo Oromiyaa keessa jiran irraa jalqabee hamma manneen barnootaa sadarkaa 1^ffaa Bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessa jiraniin kennama jira. Seenaan qormaata guutuu biyya Itoophoyaa keessatti kennamu ammoo seenaa jijjiirama imaammata barnootaan kan walqabatedha. Bu'uuruma kanaan bara 1994 qormaanni guutuu kutaa 12 kennama kan ture osoo jiruu kutaa 10 ttis kennamu jalqabe. Innis ogeessota barnootaan kan qophaa'uufi kan madaalamu ta'uusaa ibsamee jira. Barnoonni Gadaas, Bara 2013 ALI tti akka gosa barnoota tokkootti kennamuu kan jalqabame yoo ta'u, innis, Biiroo Barnoota Oromiyaatiin qophaa'ee, Biiroo Baqrnoota Bulchiisna Magaalaa Finfinnee waliin akka qophaa'u taasifame.

Yada kanaan wal qabatu Dirribaan, hayyuu Bachman (1990) wabeeffachuun yoo ibsu,

> “*Qormaatni tokko kan madaalamuu qabu ogeessa qormaataatiin, qu’attootaafi ogeessa barumsaatiin ta’uu qaba.Qormaanni Naannoo immoo, barattoonni sadarkaa tokko xumuruun gara sadarkaa biraatti ce’uuf ykn gahumsa isaanii mirkaneeffachuuf xumura irratti kennamu yoo ta’u, qormaanni biyyoleessaa Ministeera Barnootaan kan qophaa’udha.*” jedha.

Kanuma ka’umsa taasifachuun qorataan qormaanni Barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaa baasuu fi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Finfinneen bara 2012fi 2014 qophaa’an wal simannaa isaan qabiyyee kitaaba barataa wajjin qabaniifi dandeettii barattootaan wal gituufi wal gituu dhabuu isaa sakatta’uun qorannoo geggeesseera.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsisuuf waantonni ka’umsa ta’an hojii sanaaf nama dadammaksan ni jiraatu. Kanaafuu, qorannoo kana geggeessuuf waanti na kakaase; mormii barattoonni qormaata xumura barnoota sadarkaa 1ffaa fudhatan, qabiyyeen qormaata Barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa Bulchiinsa magaaalaa finfinnee haala qabiyyee kitaaba barataa keessatti barataniin dhufuu dhabuu irratti qaban bu’uura godhachuun qoratichi xiinxala walgitiinsa dhiyaannaa qabiyyee kitaaba barataafi qabiyyee qormaata kutaaa 8ffaa Barnoota Gadaa bulchiinsa magaaalaa Finfinnee fi Biiroo Barnoota Oromiyaan qophaa’an sakatta’uufi. Haaluma kanaan, qorumsii qindaa’ee qophaa’u tokko ga’umsaafi fudhatamummaa qabaachuu danda’uu qaba. Dabalataanis, qormaanni tokko yoo waan madaaluu barbaade karaa sirriin madaaleefi gaaffileen qormaatichaa qabiyyee barumsichi karoorfameef bakka bu’uu danda’e, gahumsa qabiyyee qaba jedhama. Qabiyyeen qormaataaf qophaa’an barnoota karoorfamee barsiifame haala danda’ameen kan bakka bu’an yoo tahaniidha.

## 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffilee bu’uuraa qorannichaaf ta’an kanaa gaditti dhihaataniif, deebii kan kenne.

1. Qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa keessa jiran qabiyyeewwan qormaata barnoota Gadaa bara 2013 fi 2014 ALItti qophaa’an waliin walsimannaa qabu?
2. Qabiyyee baratamanii qormaata sana keessatti osoo hin hammatamiin hafan jiru?

3. Qabiyyeewwaniifi ajajni qormaata Biiroon Barnoota Oromiyaa fi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheessan walsimannaa qaba?
4. Dhiheessi qormaata lamaanii keessatti hanqinootni mul’atan jiruu?
5. Qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] Biiroon Barnoota Oromiyaa fi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan dandeettii barataan wal gitaa?

## 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayoo galmaan ga’uuf geggeeffamu qaba. Kaayyoon kunis gooroo fi gooreetti qoodama. (Addunyaa 2011:54.)

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyooon gooroo qorannoo kanaa walsimannaa qormaata barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo barnoota bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa’an sakatta’uun adda baasuudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoleen gooree qorannichaa kanneen itti aananii dhiyaatanidha:

1. Qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] keessa jiran qabiyyeewwan qormaata barnoota Gadaa bara 2013 fi 2014 ALItti qophaa’an wajjin hariiroo qabaachuu fi dhiisuu isaa addaan daasuu
2. Qabiyyee baratamanii qormaatoota sana keessatti osoo hin hammatamiin hafan jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa adda baasuuf
3. Qabiyyeewwaniifi ajajni qormaata Biiroon Barnoota Oromiyaa fi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheessan walsimannaa qabaachuu fi dhiisuu isaa ifoomsuu
4. Dhiheessi qormaata lamaanii keessatti hanqinootni mul’atan jiraaachuu fi jiraachuu dhabuu isaa adda baasuuf
5. Qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] Biiroon Barnoota Oromiyaa fi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan wal gituufi walgituu dhabuu isaa miirkaneessuuf

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun yoo adeemsifamee xumurame faayidaawwan asiin gaditti dhiyaatan ni qabaata jedhamee abdatama. kanneenis:

- Qormaata qopheessuuf qaamni yeroo qormaata Xumura barnoota sadarkaa 1ffaa qopheessaan xiyyeeffannoo olaanaa akka taasisaniif ragaa barbaachisaa ta'e ni laataaf.
- Qormaanni barattootaaf qophaa'u qabiyyee kitaaba waaliin deemu akka qabu daandii agarsiisa.
- Qabiyyeen qormaata barnoota Gadaa kitaaba barataa waliin walsimee akka qophaa'uuf qabuu fi hariiroon Nannoon Oromiyaa fi Bulchiinsa magaalaa Finfinnee qopheessan yaada walitti siquu fi hariiroo akka qabaatu taasisuuf yaada barbaachisu ni eera.
- Namoota qorannoo kana fakkaatu geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti waan fayyaduuf biiroo barnoota lamaaniifi waajjira Aadaafi Turiiziimii bakka lamaanii kooppiin isaa kaa'amuun achii fuudhanii dubbisuu danda'u.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Walsimannaa qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaa fi Biiroo barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinee bara 2013fi 2014 qophaa'an adda baasuu irratti kan daangeffamedha. Kana malees, iyyaafannoo dabalataa argachuuf, Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa Bulchiinsa Magaalaa Shanoo fi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irratti daangeffameera. Sababii qorataan mana barumsaa kana filateef, mana barumsaa inni barsiisaa tureefi bakka hojii isaatti dhiheenya waan qabuuf, qorannoo kana yeroo hojjetu qixa sirrii ta'een odeeffannoo argadha jedhee yaada waan ta'eef.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo gagggeeffamu kamiyyuu keessattii hanqinni mul'achuu danda'a. Qorannoon kunis adeemsifamuuf bu'aa bahii hedduu keessa darbee sadarkaa barbaadamu irra gahuun xumurameera. Bu'uuruma kanaan hanqinni muraasni as keessatti qorataa mudatan, barnoonni Gadaa kun akka gosa barnoota tokkootti reefuu kennamuu waan jalqabamuuf, namoonni qorannoo irratti adeemsisan waan hin jirreef, madda raga argachuu dhabuu, Akkasumas, qorannoon kun ogeeyyii Barnootaa (barataa, barsiisaafi warra qormaata qopheessan) hunda waan

ilaallatuuf jara kana argatee odeeffannoo sassaabbachuuf mijachuu dhiisuu, keessumattuu gama lamaaniinuu qaamota qormaata qopheessan argatee odeeffannoo irraa fudhachuuf waan rakkateef bakka isaanii qormaata bakka lamaanii bara lachuu baafametti dhimma bahuun qorannicha fiixaan baaseera.

# BOQONNAA lAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti  waantoonni ilaaalaman : maalummaa qormaataa, gosoota qormaataa, seenaa qormaataa, faayidaa qormaataa maalummaa meeshaalee barnootaa, gosoota meeshaalee barnootaa, silabasii , kitaaba baratataa,  qajeelcha barsiisaa, faayidaa meeshaalee barnootaa, gosoota meeshaalee barnootaafi yaadrimeen mata duricha waliin deeman bakka itti sakatta’amanidha. kunis kutaalee lama: sakatta’a barruu yaadrimeefi mata duree qorannoo walfakkii warra ta’an bakka itti sakatta’amanidha.

## 2.1. Maalummaa Qormaata

Maddaallii ykn qormaata jechuun karoora madaallii ta’ee, qoramtoota beekumsa, dandeettii, ga’umsa uumamaa, jabeenyaa qaamaafi mataa duree hedduu madaaluuf kan tajaajiludha. Akkasumas, qorumsi xumura barnoota sadarkaa1ffaa kutaaa 8ffaafi biyyoleessaa dhuma barnootaatti kan kennamu ta’ee; beekumsaafi dandeettii dhuunfaa barattootaa adda baasuuf tajaajila. Kana malees, qorumsi meeshaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamuufi barattoonni barumsa barachaa jiran hangam akka hordofan, jijjiirama amalaa hammam akka horatan kan agarsiisudha. Labsii BBO lakk.199/2008.

Akkasumas,Labsii Lakk.199/2008 keeyyata 74, keeyyata xiqqaa 3 akka BBOn baasetti:

> *Qorumsi qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba.Qorumsi barreeffamaan, jechaan yookaan gochaan kan kennamu ta’ee murtii kennuuf gargaara.Qophiifi soroorsi qorumsaa erga raawwate booda xiinxalli isaa of-eeggannoon geggeeffamuu barbaada; qorumsa dadhabaafi amansiisaa hintaaneen hiikni kan itti kennamu yoo ta’e, qulqullinaan barumsa kennuufi hordoffii barattoonni taasisan agarsiisuu hin danda’u.Kanaafuu, rakkoo akkanaatiif furmaata kennuuf hojicha qajeefamaan raawwachuun barbaachisaa ta’a.  Akka yaada kanatti, qormaanni qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti shoora guddaa kan taphaatuufi murtii kennuuf kan gargaarudha. Qormaanni moodeelaa kutaa kudhaniifi biyyolessaas barreeffamaan kan dhihaatan ta’anii barattoonni kutaa itti aanutti darbuufi dhiisuu isaanii kan murteessudha. Qormaata jechuun gaaffiiwwan murtaa’anii qophaa’an karaa ifa ta’een haala xiinsammuu qaramtootaa ilaalchisee ragaa walitti qabuuf safartuufi qormaanni walitti qabama gaaffiiwwanii ta’ee, raga argachuudhaaf gochaa raawwatamudha.*

Dabalataan, qorumsi akka akaakuu madaallii tokkootti amala nama dhuunfaa akkaataa adeemsa ifa taheen lakkofsaan kan ibsudha. Yaada kana cimsu Bachman, (1983), yeroo ibsu: “As one type of measurement, a test necessarily quantifies characteristics of individuals according to explicit procedures.”jedha.  Akkasumas, hayyuun Brown, (1994), qorumsa jechuun gochaa guyyaa guyyaan raawwatuufi gocha barachuu waliin walqabatee, namni tokko wanta murtaa’e irratti ogummaa qabu ykn tooftaa dandeetti ittiin safarrudha jedha.

Kana malees, Desalegn and Girma ,(2009),  yommuu ibsan, qormaanni gurmii gaaffilee ta’ee, barataa tokkoof ykn barattoota baay’eef karooraan laatamuuf akkataa murtaawaan kan qopheeffamuudha jedhu. Akkasumas, qorumsi kutaa karoora barnootaafi hawaasa keenyaa yoo ta’u, qabxiin qormaata afaanii waa’ee dandeettii afaanii namootaa murtoo laachuuf akka ragaa bu’uuraatti kan tajaajiludha. (McNamara and Roever, 2006, P.37).

Kun ammoo, jireenya hawaasaa keessatti qormaanni baay’ee barbaachisaa ta’uu isaa nu hubachiisa. Kitaabni, (Teacher Education Handbook, 1999, p.192) tajaajilaan walqabsiisee yoo hiiku, “ExamiZnation covers a large area of contents. It is given at the end of a course or semester. Its mine purpose is to assign grade. The number of items included is large,” jedha. Akka yaada kanaatti, “Qorumsi gaaffilee akaakuu garaa garaa kan qabiyyee bal’aa qabatu ta’ee yeroo hedduu xumura koorsii ykn xumura waggaa irratti kan laatamudha.  Yaaduma kana kan cimsu Dirribaa Oliiqaa,(2011:14), yommuu ibsu,

Qormaanni kaayyoon isaa barattoonni gara daree itti aanutti darbuu isaanii murtii kan kennudha.”Jedha.  Hayyuu kun itti dabaluun, qorumsa tokko keeessatti naamuusni hojirra ooluuf Tooftaalee barsiifata ta’an sadiitu jiru.Isaanis: Garaagarummaa jiru adda baasanii ilaaluun, ijaarsa qorumsa hubachuufi cimina gaaffilee adda baasuun hojitti jijjiiru.

> *Qormaata qopheessuurratti ilaalcha walfakkaataa qabaachuufi amala qophii qormaataa beekuu. Qindaa’ina isaa, dandeettii hunda of keessaa qabaachuusaa, gosoota qormaataa adda baasuun hojiirra oolchuudha. Qormaanni adeemsa saayinaawaa qoratamtoonni sadarkaa beekumsaa qabaachuu qaban irra gahuu isaanii ilaaluuf gaaffii gafatamanidha.(Donath, 2005). Qormaanni afaanii madaallii shaakalaafi qo’annaa dandeettii nama dhuunfaa akka gaariitti itti fayyadama afaanii keessattiiti. Qormaanni amalli qoratamtootaa qabiyyee ulaagaa ta’e waliin karaa sirriitti deemuu isaa ilaaluuf kan qophaa’udha. Qormaanni kaayyoo waalta’a kan qabu adeemsa madallii dandeettii hojii*

*qoratamtootaa guutuuf ykn naannoo dandeettii isaanii addaan baasuuf kan kennamudha jedha. Akkasumas, qormaanni sagantaa barnoota afaanii keessatti kamtu barataatti cima kan jedhu addaan baasuuf barsiisaa kan gargaarudha. (Heaton, 1975, p. 2). Qormaanni meeshaadha.Adeemsa tooftaawaa hordofuun gaaffii qopheessuudhaan haala walfakkaatuun amala safaruudha (Saeed and Noor, 2011). Kan namni tokko beekuufi yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti hojjechuu danda'u safaruuf kan yaaludha. Gaaffii gahumsi nama tokkoo hangam gaariidha? Jedhuuf kan deebii kennudha. Qormaanni kutaa madaalli ta'ee adeemsa walitti qabuu odeeffannoo murtii kennuuti. Ciminaafi fedhiin barataa otoo hinbeekiin barsiisuun barsiisaan yeroo baay'ee gara sirrii hintaanetti akka barsiisu godha.*

Kana maslees, meeshaan dandeettii madaaluufi safaru madaallii jedhama . Madaalliin barsiisaan akkaataa ittiin barsiisu mijeessee hojii isaa caalatti fooyyessuun barataan akka fayyadamu taasisuu kan dandeessisudha (Heaton, 1988, p.2). Qorumsa Moodeelaa: Qorumsa gahaumsi, yeroon, qophiifi kenniinsi isaa qorumsa Naannoofi biyyooleessaa waliin walfakkkaatu sadarkaa Naannootti qopha'ee kutaalee: 8$^{ffaa}$, 10$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$f kan kennamu akka ta'e (Labsii BBO Lakk. 199/2008:2) irratti ibsameera. Model test is to build confidence among the students in assessing time management and subject wise preparedness for the ensuing various competitive exams.Model exam analysis helps the students to know their subject wise competency, question wise error analysis.Students can develop a winning strategy to crack the actual exam after knowing their strengths and areas of improvement. Akka yaada armaan oitti ibsametti,"Yaada kana bu'uureffachuu Xibabuun (2008) akka ibsetti,

*Qormaata moodeelaa jechuun barattootaa keessatti ofitti amanammummaa kan uumuufi itti fayyadamaa yeroo akka beekan gochuufi waa'ee gosa barnootaa hubachuurratti qophii akka taasisaniifi gosoota dorgommii qormaataa irratti bu'aa buusuu isaanii kan madaaludha. Akkasumas, qormaanni moodeelaa barattoonni waa'ee gosa barnootaa isaanii beekumsa qabaachuu, gaaffii dhihaate beekuufi dogoggora gaaffii qorachuuf gargaara.Qormaanni Moodeelaa karaa ittiin Barattoonni karoora hawwataa dagaagsaniifi qormaata sirrii ta'e erga hubatanii booda cimina isaanii kan ittiin mirkaneefatan jechuudh*a." jedha.

Akkasumas, Brown ,(2003), yoo ibsu "A test,in simple terms,is a method of measuring a person's ability,knowledge,or performance in a given domain. It is an instrument a set of techniques, procedures,or items-that requires performance on the part of the test-taker." Jechuun lafa kaa'eera.

Yaada hayyuu kanaarraa akka hubannutti, “qorumsi tooftaa/mala ittiin dandeettii, beekumsaafi ga’umsaa namaa doomenii kenname keessatti kan ittiin madaalanidha.” Kana malees, qorumsii meeshaa ittiin nama madaalan ta’ee; maloota, adeemsotaafi ga’umsa barbaachisu keessatti qooda fudhattoonni qoramuun kan madaalamaniidha. Akkasumas, qorumsii addaa addaa dandeettii dimshaashaa madaaluu; kanneen biroo ammoo, beekumsa ykn ga’umsa murtaa’aafi kaayyoo namootaa madaalu. Qormaata namoonni qopheessan, sadarkaafi ga’umsa warra qormaata fudhatanii beekuu qaba. Dabalataa, Sadarkaa dandeettii barattootaan yoo wal gituu baate; dandeettii barattootaa madaaluu dhabuu danda’a.

Qorumsi ga’umsa barattootaa  waliin wal madaalaa ta’uu qaba. Akkasumas, faayidaan qormaata madaaluu dandeettii qoramtootaa ykn yaada isaa dirree barnootag Gadaa irratti ga’umsa qabaniif tajaajila. Qormaanni Gadaa hedduun isaa beekumsaalee sirna Gadaa akka dagaagfataniif isaa n tajaajila. Maalummaa qormaataa kana bu’uura godhachuun qormaanni xumura barnoota sadarkaa 1[ffaa]  Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin kan qophaa’u ta’ee; ga’umsaa dhuunfaa barattootaa kan ittiin madaalamudha. Qormaanni Naannoo ministeeraa barnootaan kan qophaa’uu ta’ee; sadarkaa tokkorraa gara sadarkaa biraatti ceesisuuf (bench mark) ta’ee kan tajaajiludha.

## 2.2. Seenaa Qorumsa Afaanii

Seenaan dhufaatii qorumsa afaanii  ilaalchisee  yaadoleen jiran akka kana gaditti dhihaataniiru. Isaanis: Pre-scientific era (saayinsawaa dura) Bara 1900 dura kennama ture. Innis akkaataa kanaan dhihaachaa ture:

- Haalli qophii qormaata aadaa irratti hunda’uun qajeelfamaafi adeemsaa tokko malee waan itti fakkaatu qopheessuu.
- Barreeffamoota unkaa adda addaa kanneen akka jijjiirraa, ijaarsaa caaslugaa,qormaata barreeffamaa, hiikaa, dhaggeeffatanii barreessuufi dubbisa kennamerratti hundaa’uun deebiiwwan banamaa kennuu ofkeessatti hammata.
- Yaaxxina barumsichaakan fayyadamneefi yaada namaa akka barbaadanitti (subjective) kennu.

Barri saayinsaawaan dura erga darbee bara ’Psychometric-structuralist’ itti aanee dhufe.Bara kana keessatti qorumsi kan kennamu dandeettiiwwan barnootaa bakka xixxiqqaatti qoodamee

qoruu adeemsifamaa ture. Dandeettiiwwan barnootaa, beekumsa caaslugaa garaa garaatti qoodee qora. Akkasumas, ga'umsaafi amanamummaa deeggaruun isaanii gaarii ta'us, waliigaltee hin jajjabeessu (inability to achieve communication). Tooftaan qormaata qoruu kunis ta'uu dadhabnaan isaa sadaffaa 'Integrative approach' kan jedhu Oller (1960) 'unitary Competence Hypothesis' dandeettiiwwan afaanifi damee beekumsaa walitti fiduun qormaannii kennamuu eegalame. Yaada kanaafi kaanneen biroon wal qabatan Dirribaa Oliiqaa, (2011) qorannoo isaa keessatti akkaataa armaan gadiin kaa'eera.

> *Adeemsa keessa haalli kennama qormaataa jijjiiramaa hiika galumsaa fayyadamaa, dandeettiiwwan afaaniifi damee beekumsaa walitti makuun qormaanni kennamu jalqabame. Barri kunis ykn malli kunis seenaa qormaata qoruu keessatti itti fayyadama barnootaa haala galumsaan sirriitti ibsuurratti (the use of language in actual contexts) hanqina qaba. Kanneen armaan olii sadeen hanqina waan qabaniif ammas afaan qoruuf malli kan biroon akka barbaachisuu bira ga'ame. Kanuma bu'uura godhachuun Qorumsa yeroo ammaa (Qorumsa walquunnamtii) fayyadamuun qorumsa qoruun fudhatama argachaa dhufuun hanga har'atti itti fayyadamaa jira. Bechman (1990) akka ibsetti: Qorumsa walquunaamtii wanti adda isa taasisu tokkoo tokkoo dandeettiiwwan barnootaa qofa qofaatti madaaluun gaarii akka ta'e amanama. Kunis namni tokko afaan lammaffaatti akkamitti akka fayyadamu agarsiisuu qaba. Qorumsa yeroo ammaa qopheessuu keessattis guddina yeroo qorumsa saayinsawaa dagachuus hinqabnu. Dura sochiin qorumsaa qorumsa deebii banamaarraa gara qorumsa deebii daanga'aatti ture. Qorumsi yeroo ammaa immoo dhiyaannaa lamaanuutti dhimma ba'a (Madsen, 1983). Dhihaannaa walmakaafi dhihaannaa walqunnamtii. Dhihaannaan walmakaa dhiyaannaan walmakaan caaslugaafi dandeettiiwwan afaaniifi barnoota biroo walitti makuun qora. Dhiyaannaan walquunnamtii ammoo xiyyeeffannoon isaa inni duraa afaan akkamitti waliigaltee keessatti akka fayyadurrattidha. Kanaaf, yeroo baay'ee amma danda'ametti gilgaalota jireenya dhugaa barattootaa wajjiin walqabatan of keessatti hammata. Dhiyaannaa kana keessatti galma ga'insi afaan barachuu kan madaalamu sirrummaa seerlugaa irra ga'umsa waliigalteeti.*

## 2.3. Faayidaa Qorumsa Afaanii

Qorumsi afaanii faayidaa garaa garaatiif barbaachisa. Faayidaa qorumsa afaanii irratti yaadoleen hayyoota garaa garaa ibsameera. kanneenis: Murtee sagantaa barnootaa kennuu keessatti akka madda iyyaafannoo kennuufi agarsiistota ga'umsawwan qorannoo Gadaa, aadaafi sirna Gadaa baruufi barsiisuu keessatti barbaadamaniitti tajaajila. Sagantaa barnootaa keessatti faayidaa

guddaan qormaata Barnoota Gadaa firii qorumsaa madaallii ykn waa'ee sagantaa yookiin namootaa irratti murtii kennuu waliin kan walqabatudha (Bachaman1990:54).

Yaada kanaan wal qabatu Dirribaan(2011) ,McNamara, (2000), wabeeffachuun faayidaa qorumsa afaanii yoo ibsu,

> *"Language tests play a powerful role in many people's lives, as acting as gate ways at important transitional moments in education, in employment, and in moving from one country to another," jedha (F. 3). Kan jechuunis qorumsi afaanii jireenya dhala namaa keessatti ga'ee guddaa taphata. Kunis sadarkaa barnootaa tokkoo gara isa itti aanuutti darbuu keessatti, qacarrii hojiifi biyya tokkoo gara biyya biroo deemuu keessatti akka furtuutti tajaajila jedha.*
>
> *Karaa biroon Allison (1999) faayidaa qorumsa afaanii yommuu ibsu,"purposes of language test:diagnosis and feedback/screening and selection/ placement/program evaluation/providing research criteria/ assessment of attitudes and socio psycholgical differences," jedha.*
>
> *Akka ibsa kanaatti immoo faayidaan qorumsa afaanii ciminaafi dadhabina adda baasuuf,yaad deebii kennuuf,fo'annoof,ramaddiif,madaalii sagantaaf,ulaagaa qorannoo kennuuf, madaallii garaagarummaa xiinsammuu hawaasummaafi ilaalchaa geggeessuuf tajaajila. Kana malees, Byrne (1984) yommuu ibsu,"Language tests have many uses in educational programme and quite often the same test will be used for two or more related purposes," jedha. Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, qorumsi afaanii sagantaa barnootaa keessatti faayidaalee hedduu qaba. Akkasumas, gosti qorumsa afaanii tokko faayidaalee walfakkaatoo lamaafi isaa ol kennuu danda'a.*

Dimshaashumatti faayidaawwan qorumsaa akka Dirribaa Oliiqaa,(2011:18),ibsutti,

- Barattoonni barnootaaf qophaa'uu adda baasuuf nigargaara. Qorumsi barattoota addaan fo'uu ykn barattoota warra kamtu sagantaa barnootaa tokkoof akka qophaa'aniifi isaan kamtu akka hinqophoofne adda baasuuf tajaajila.
- Barattoota akka dandeettii isaaniitti ramaduuf nitajaajila. Gosti qorumsaa akkasii ga'umsa barattoonni dandeettii isaan horatan irratti hundaa'uun kutaa murtaa'aa tokkotti ramaduuf gargaara.
- Ciminaafi dadhabina barattootaa adda baasuuf.
- Dandeettii waliigalaa barattootaa madaaluuf.
- Kaayyoon barnootaa galma ga'uu isaa madaaluufi

- Ga’umsa barnootichaa madaaluuf ni tajaajila.

## 2.4. Gosoota Qormaataa

Akaakuu qormaataa Hayyoonni garaa garaa iddoo addaa adaatti qoodu. Bu’uuruma kaanaan hayyuun, Brown, (1994), dhimma yommuu ibsu, “There are many kinds of tests, each with a specific purpose, a particular criterion to be measured,” jedha (F.257). Kana jechuunis qorumsi akaakuu baaay’ee qabaachuu isaa hubachiisa. Kana malees, faayidaa murtaa’aafi waan safaruuf qophaa’an mata mataatti qabu.

Akkasumas, Hayyuun Harrison,(1983), dhimma faayidaa qorumsaa yoo ibsu, “qorumsa faayidaa isaa irratti hundaa’uun bakka afuritti qooda. Isaanis: qorumsa ramaddii, qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasu, qorumsa hubannoofi qorumsa ga’umsaati.” Jedha. Haa ta’u malee, qooddiiwwan qormaataa kunneeniif maqaaleen kennaman barreessitoota garaa garaa biratti addaa addummaa kan qabanidha. Akka Harrison ibsetti akaakuun qormaataa akkataa kanaa asii gaditti qoodamu.

### 2.4.1. Qormaata Ramaddii

Qorumsa ramaddii ilaalchisee Dirribaan, (2011), Harrison, (1983), wabeeffachuun yommuu ibsu,

> *qorumsi ramaddii barattoota haaraa garee barumsaa tokkotti ramaduuf gargaara. Kunis barattoonni dandeettii walfakkaataa qaban akka isaan barumsa walfakkaataa barataniif tajaajila. Kanaaf, qabxiilee murtaa’aa baratanirra dandeettii waliigalaa barattootaarratti xiyyeeffata. Yaada kana deeggaruun Alderson & et al. (1995) yeroo ibsan, qorumsi ramaddii barattoonni barnoota sadarkaa isaaniin walsimu yookiin kutaa dandeettii isaaniitiin walgitutti ramaduuf qorumsa dandeettii afaanii isaanii madaaluuf qophaa’udha. Qormaatni ramaddii yeroo qophaa’u bu’uura kan godhatu yaadota bu’uura afaaniifi qabiyyee barnoota afaanii irrattidha.Kanaaf qormaanni qophaa’e dandeettii waliigala afaanii kan gaafatudha.*

Akaakuun qormaata ramaddii qabiyyee silabasii barattoonni baratan irratti yookiin meeshaalee barnootaa biro irratti xiyyeeffachuu danda’a. Qormaata ramaddii keessatti dandeettiin barattootaa irra caalaa daree isaa kam keessatti akka ramadamaniifi muummee kam keessaatti ramadamuu akka danda’an kan agarsiisudha.

### 2.4.2. Qormaata Ciminaafi Dadhabina Adda Baasu

Dhimma ciminaafi dadhabina qormaataa adda baasuu ilaalchisee hayyuun Harrison, (1983), akka ibsutti,

> *qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasuu yeroo tokko tokko qorumsa fooyya'insaa jedhama. Kunis qabxiilee barumsa tokkoo barachuu keessatti fooyya'insa barattoonni agarsiisan mirkaneessuuf gargaara. Qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasu qabxii murtaa'aa tokko erga baratanii yookiin barumsa tokkoo erga xumuranii booda kan kennamudha. Gosti qorumsaa kun yoo haalaan qindaa'e waa'ee barattootaarratti odeeffannoo fooyya'insaa kennuu danda'a. Qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasuuf oolu, gaaffii "Barattoonni hammam haala gaariin barumsa kana baratani?" jedhuuf deebii kenna.*

Akaakuun qormaata kanaa barataaf duub-deebii atattamaa kennuu danda'a. Dhimma kana keessatti barataan qabxii olaanaa deebise barumsa itti aanu barachuuf yommuu onnatu, barataan fi gadaanaa deebise immoo, dadhabina isaa adda baafachuun waan barate sana keessa deebi'ee akka xiinxalu isa taasisa. Yaada kana deeggaruun Alderson & et al. (1995) yommuu ibsan,

> *qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasuu bakka barataan tokko gargaarsa dabalataa itti barbaadu adda baasuuf tajaajila. Gosti qorumsaa kun haala madaalawaa ta'een dandeettii waliigalaa madaaluu kan danda'uufi barataan tokko dandeettiiwwan afaanii gurguddaa arfan keessaa isa kamirratti gargaarsa addaa akka barbaadu kan agarsiisu yookiin qabxii murtaa'aa barataan tokko seera itti fayyadama afaanii keessatti qabu adda baasuuf gargaara*. jedha

### 2.4.3. Qorumsa Hubannoo

Dhimma qorumsa hubannoo ilaalchisee Dirribaan, (2011), Harrison, (1983), wabeeffachuun yaada kana yeroo ibsu, qorumsi hubannoo qorumsa xumura hojii yookiin barumsa tokkoo irratti laataamudha jedha.

> *Akkasmas, qorumsi kun qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasuu caalaa barumsa yeroo dheeraa kennameefii hojiirra kan ooludha. Fakkeenyaaf, barumsa waggaa tokko yookiin barumsa tokko guutummaa isaa yookiin kan gosoota barumsaa garaa garaa keessatti kenname madaaluuf tajaajila. Kunis hubannoo barattoonni sadarkaa tokko irratti argaman qaban madaaluuf gargaara. Fakkeenyaaf, qorumsa sadarkaa addunyaatti kennamu, yookiin kan sadarkaa guutuu biyyaa, mana barumsa tokkoo yookiin akka garee manneen barnootaatti kennamu ta'uu danda'a jechuun ibseera.Kunis barattootni barumsa sana*

*barachuu isaaniif ragaa kennuuf tajaajila. Haalli qophii qorumsa kanaa qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasuu caalaa qabiyyee hedduufi kaayyoo gooroo of keessatti qabata. Kunis sababa waan waggaa tokko guutuu baratame guyyaa tokkotti madaaluun hindanda'amneef rakkoolee iddattoo fida. Kanaafuu, qorumsichi maal maal akka of keessatti qabaachuu qabuufi qabiyyee tokko madaaluun isa biroo madaaluu danda'uu ykn dhiisuu isaa irratti murtiin kennamuu qaba.*

Yaaduma kanaan walqabatu jajjabeessuun Alderson & et al. (1995), yommuu ibsan, "*qorumsi hubannoo qorumsa xumura barumsa tokkoo irratti kennamu ta'ee qabiyyeen isaa silabasii yookiin kitaaba barataa irratti hundaa'a. Kunis barataan tokko waan barateerrati hubannoo hangaamii akka qabu maadaluuf tajaajila*." Jedha.

### 2.4.4. Qorumsa Ga'umsaa

Qorumsi gahumsaa qorumsa waliigalaa jedhamuun beekama. Qorumsa ga'umsaa ilaalchisee Dirribaan (2011), Harrison, (1983), wabeeffachuun waa'ee qorumsa gahumsaa yommuu ibsu, "kaayyoon qorumsa ga'umsaa dandeettii barataan waan barate tokko hojiirra oolchuu danda'uu isaa madaaludha." Jedha. Akkasumas, Gaaffii, "Barataan tokko waan barate hammam hojiirra oolchuu danda'aa?" jedhuuf deebii kennuuf yaala jechuun ibseera. Kanaafuu, akaakuun qorumsaa kun sababa walsimannaa dandeettii barataan tokko qabuufi fedhii isaa gara fuulduraa irratti xiyyeeffatuuf yeroo baay'ee gosa barumsa murtaa'aa tokkootti akka hin daangeffamne lafa kaa'a. kana malees, hayyoonni Alderson & et al. (1995), yaada kana deeggaruun yommuu ibsan, "qorumsi ga'umsaa qabiyyee afaanii murtaa'aa irratti hin hundaa'u. Qorumsi kun dandeettii barattoota duubee leenjii afaanii addaa addaa rraa dhufanii madaaluuf qophaa'a.

*Gama biroon dandeettii ga'aa barattoonni dhimma murtaa'aa kanneen akka barnoota, fayyaafi kkf barachuu keessatti itti fayyadama afaanii irratti qaban madaaluuf qophaa'a. Qorumsi akkasii qorumsa kaayyoo murtaa'aa yommuu jedhamu, qabiyyeen qorumsichaas walumaagalatti xiinxala fedhii gosa afaanii kaayyoo martaa'aa tokkoof barbaadamuu irratti xiyyeeffata. Qorumsa haala kanaan qofa qofaatti qoqqooduun kun kan akka tasaa ta'eefi faayidaan qorumsa kamiiyyuu haala kanaan ibsamuu akka danda'u agarsiisuuf malee qabatamaatti qorumsi tokko tajaajila tokkoo oliif ooluu danda'a.*

akaakuuwwan qormaataa jiran kanneen kanaan olitti ibsaman duwwaa osoo hin taane, Kanneen biroo akkaataa waan tokko xiyyeeffachuurratti hunda'uun akka armaan gadiitti qooduun

nidanda’ama. Isaanis: bu’uura ‘item’tiin (Considering the items: qorumsaa dhugaa-sobaa, filannoo, firoomsuu, deebii gabaabaa, barreessuu), qormaata ulaagaa guuteefi ulaagaa hin guutiin (Standardized tests, Non-standardized tests), qormaata dhuunfaafi qormaata garee (Individual tests, Group tests), qormaata yeroo gabaabaa keessatti xumuramuufi qormaata yeroo dheeraa keessatti raawwatamu (time Power tests, Speed tests) ibsuun akka danda’amu Dirribaan,(2011), lafa kaa’eera.

## 2.5. Amaloota Qormaata Gaarii

Qormaanni hojii baruufi barsiisuu keessatti meeshaa madaallii dandeettii barattootaafi qaama kamiiyyuu adda baasuuf tajaajiludha. Kanaafuu qormaanni tokko amaloota gaarii qaba kan jedhamu yoo amaloota armaan gadii qabateedha.

### 2.5.1. Ga’umsa

Amaloota qormaata gaarii keessaaa ga’umsi isa tokko ta’ee wixinee qophii qormaataa sirriitti madaaluuf gargaaru ta’uu isaa Dirribaa Oliiqaa, (2011) akkaataa armaan gadiitti hayyoota garaa garaa wabeeffachuun kaa’eera.

Ulaagaa ga’umsi ittiin safaramu qabxii qormaataa wal bira qabuun amala qormaatichaa, galmaan ga’umsa namaafi qormaata qophaa’e murteessuuf tajaajila. Yaada kana hayyoonni Gronlund and Linn (1995) jedhaman “Validity refers to the ap-propriateness of the interpretation made from test scores and other evaluation results with regard to a particular use.” Jechuun lafa kaa’aniiru. Yaada kana Dirribaan akkaataa armaan gadiitti hiika itti kenneera.

> *Akka yaada kanaa olitti ga’umsa jechuun itti fayyadama kaayyoo qabxii qormaataa ibsuun bu’aa nama tokkoo fudhatama qabaachuusaa safaruudha. Qormaanni tokko fudhatamummaa qaba kan jedhamu ulaagaalee madaallii qormaanni tokko ittiin beekamu guutee yoo argamedha. Kunis qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhihaataniifi qormaata keessatti dhihaatan walmadaaluun kan dhihaatan yoota’edha. Davis (1964) Ga’umsa qorumsaa jechuun hanga qorumsi tokko waan safaruu barbaade hanga safaruu danda'uuti. Heaton (1988) ibsu, ga’umsi qorumsaa hanga qorumsi tokko waan safaruu barbaade safaruu danda’uuti jedhu. “A test is said to be valid if it measures accurately what it is intended to measure,” jedha (Hughes, 1989:22). Qorumsi tokko ga’umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade karaa sirrii ta’een safaredha.“Test validity is defined here as the degree to which a test measures*

*what it claims, or purports, to be measuring," (Brown,1996:23,1980:254 fi 1994:212). Weir (1980) fi Harrison (1983) gama isaaniitiin yommuu ibsan, qorumsi tokko ga'umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade tokko safaree argamedha jedhu.*

Dimshaashumatti, qorumsi tokko gahumsa qaba kan jedhamu, waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een yoo safaree argame ta'uu isaa yaada hayyoota armaan oliirraa hubachuu ni dandeenya.

Tajaajila ga'umsi qorumsaa qabu hedduudha. Kanneen keessaa muraasni isaanii akkataa ittii aanee jiruun tarreeffamuun dhiyaataniiru.

- ❖ Tajaajilli ga'umsa qabiyyee qorumsaa inni duraa qorumsichi waan madaaluu barbaade karaa sirrii ta'e madaaluu akka danda'u taasisuuf tajaajila. Akkasumas, qorumsi qabiyyeen isaa gabatee murteessituu qorumsaa keessatti barreeffame hedduun isaa yookiin tasumaa bakka hin buune waan safaruu barbaadu sirriitti safaruu hin danda'u. Kana malees, qorumsi akkanaa kun dhiibbaa olaanaa kan qabudha. Kanaafuu qabiyyeen qorumsa irra hin dhufne immoo akka hin baratamne taasifama. Qabiyyeen qorumsaa yeroo baay'ee barbaachisummaa waan qoramuu barbaadamerra kan qoruuf salphaa ta'een kan murtaa'udha.
- ❖ Murtee barsiisonni dhimma barattoota isaaniif murteessan hundumaaf, ga'umsi qorumsaa baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu, Barsiisonni murtii barattoota ramaduu, ga'umsa, ciminaafi dadhabina barattootaa adda baasuun murteessuuf qorumsa waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een safarurratti kan hundaa'anidha. Yaada kana kan cimsu hayyuun Brown, (1996:231-232), akka ibsutti, "Validity is especially important for all decisions that teachers regularly make a bout their students. Teachers certainly want to base their admissions, placement, achievement and diagnostic decisions on tests that are actually testing what they claim to test" jedha.
- ❖ Iyyaafannoo afaanii keessatti ga'umsi hedduu barbaachisaadha. Kun ammo, murtii imaammata barnootaa fi xiinqooqaa laachuuf, murtii dhaabbilee barnootaa dabarsuuf, hojiirra oolmaa mala baruufi barsiisuuf, akkasumas, qajeelfamoota yaaddiddama afaaniifi qorannoo hojiirra oolchuuf tajaajil. (Dirribaa Oliiqaa2011:25). kana malees, hayyoonni akka Cumming fi Berwick ,(1996), yaada kana yoo ibsan "Validation in language assessment is ominously important, arbitrating educational and linguistic

policies, institutional decisions, pedagogical practices, as well as tenets of language theory and reseach," jedhu.

- Qabiyyeen qorumsaa tokko ga'umsa qaba jedhamuuuf qabiyyeen qorumsichaa yoo caasaalee, dandeettiifi kkf afaanii qoramuun barbaadame bakka bu'edha. Fkn, qorumsi seerlugaa gaaffilee seerlugarratti xiyyeeffate qabaachuu akka qabu beekamaadha. Haata'u malee, kun mataan isaa qofti ga'umsa qabiyyee qorumsaa hinmirkaneessu. Sababni isaas qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuu kan danda'u, yoo caasaalee mijataa qabiyyee barumsicha bakka bu'u qabaate qofaadha. (Dirribaa Oliiqaa2011:25). Akkasumas, hayyuun Hughes, (1989:22) akka ibsetti, "*A test is said to have content validity if its content constitutes a representative sample of the language skills, structures, etc. with which it is meant to be concerned. It is obvious that a grammar test, for instance, must be made up of items testing knowledge or control of grammar. But this in itself does not ensure content validity. The test would have content validity only if it included a proper sample of the relevant structures.* jedha
- Ga'umsi qabiyyee qorumsaa hanga qorumsi tokko qabiyyee keessaa qophaa'ee bakka bu'uurratti xiyyeeffata.Walumaagalatti, ga'umsi qabiyyee qorumsaa ga'umsa qabiyyeen qorumsichaa qabiyyee keessaa qophaa'ee bakka bu'uu danda'uuti.

Ga'umsi qormaata akka galma hingeenyeef waantoonni dhiibbaa geesisan:

- ✓ Qormaanni dhihaate tokko qajeelfama (ajajaa) ifa hintaanee yoo qabaate.
- ✓ Hiika jechaa cimaa ta'ee ykn hima walxaxaa ta'ee fayyadamuu.
- ✓ Qajeelfamni qormaataa sirriitti qindaa'uu dhabuu
- ✓ Yeroo qormaata tokkoof kennamu gahaa ta'uu dhiisuu, qindaa'ina dhabuufikkf.

## 2.5.2. Amanamummaa

Amanamummaan amaloota qormaata keessaa qaama tokkodha. Innis kan namni garaa garaa qormaatuma tokko bifa garaa garaatiin kan namni tokko yeroo addaaa addaatti qormaata tokko kenne qabxii walfakkaataa argachuu isaanii kan agarsiisudha. Akkasumas, amanammummaan yeroo qofaan qormaata tokko barattootuma duraa qormaata fudhatan irra deebifnee yoo qorree firiin qormaata isaanii isaa duraan tokko ykn kan walitti dhihaatu yoo ta'e; qormaatichi amanammummaa qaba jedhama. Kana malees, qormaanni akkuma meeshaa biraa madaaluuf

tajaajilu haala walfakkatu keessatti yeroo hunda qabxii walfakkaatu kennuu qabu amanamummaa jedhama.

Yaada dhimma kanaan walqabatu (Brown, 1996, p.185) akka ibsetti,

> *"Reliability is a test, like any other type of instrument used to measure, should give the same results every time it measures ( if it is used under the same condition)" jedha. kanarraa ka'uun, Amanamummaan firiin qormaataa jijjiiramuu dhabuu isaati. Amanamummaan meeshaa qorannoo kan yeroo irra deddeebi'amee yaalamu bu'aa walfakkatu argamsiisudha. Amanamummaan waraqaan gaaffii tokko irra deddeebi'amee barattootuma sanaaf yoo kenneme bu'aa hinjijjiiramne kan argamsiisudha. Qormaanni tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yoo irra deddeebi'amee yeroo adda addaa barattootaaf kennamee bu'aa walfakkatu argamsiisedha. Qorumsi tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yoo firiin qorumsa sanaa yeroo murtaa'e tokkotti argame kan yeroo biroo haala walfakkaatu keessatti argame wajjin amma danda'ametti walfakkaataa ta'edha.*

Yaada kana Dirribaan,Oller (1979) wabeeffachuun Yommuu ibsu, "The reliability of a test is a matter of how consistently it produces similar result on different occasions under similar circumstances," jedha. Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti, qorumsi tokko amanamummaa qaba jedhamuuf, yeroo garaa garaatti haala walfakkaatu keessatti kennamuun qabxiiii walfakkaatu yoo qabaatedha. Kanaafuu, galma ga'umsa dhabuu amanamummaa qormaata tokkoof waantonni armaan gadii gufuu ta'an: Fedhii dhabuu, kaka'msa dhabuu, kenninsa qormaataarratti nuffii agarsiisuu, qormaata kennamuirratti ilaalcha sirrii ta'e qabaachuu dhabuu, xiyyeeffannoo kennnuu dhabuu, muuxannoo dhabuufi waan kana fakkaatan akka ta'anis, yaadumaa armaan oliin wal qabsiisee ibseera.

## 2.5.3. Qabatamummaa

Dhimma kanaan wal qabatee Dirribaa Oliiqaa, (2011) yoo ibsu, "qabatamummaan hojiidhaan waantota qabatamaa ta'an meeshaalee qormaataaf dhihaatanidha. Qabatamummaan qormaanni akkamitti hojiirra akka oolu irratti kan xiyyeeffatudha. Innis humna namaa, meeshaalee qormaataaf barbaachisaniifi yeroodha." jedha.

> "*Practicality refers to the economy of time, effort and mony in testing. In other words, a test should be easy to design, easy to administer, easy to mark, and easy to interpret the results." (Bachman and Palmer, 1996). Akka yaada kanatti*

*Qabatamummaa (practicality) jechuun akkaataa itti fayyadama yeroo, akkaataa hojiirra oolma qormaataa carraaquufi baasii qormaataaf barbaachisu jechuudha. Karaa biraatiin, qormaanni haala salphaa ta'ee wixinneeffamuu, haalli adeemsa isaa salphaa, akkaattaan kenninsa qabxii salphaafi akkaataa qabxii itti ibsaan salphaa ta'uu qaba. Qormaanni yeroo qophaa'uu baasii garmalee kanhinqisasneefi yeroo baay'ee kan hin fudhanne ta'ee qophaa'uu qaba.Qajeelfama ifaafi barattootaaf akka dubbifamutti ta'ee dhihaachuu qaba.*

Dirribaan, akka hayyoota Bachman and Palmer ,(1996:36) wabeeffachuun ibsutti, "Practicality is the relationship between the resources that will be require in design, development and use of the test and the resources that will be available for these activities." jedha. Bu'uuruma kanaan qabatamummaan, walitti dhufeenya meeshaalee qormaataaf barbaachisaan karoorsuufi itti fayyadamummaa guddina meeshaalee qormaataaf ta'uu irratti kan bu'uureffatudha. Haala dhiyeenya qormaata qopheessuufi hojiirra oolmaa isaa kan ittiin safaramu qabatamummaadha. Kunis qormaanni akkamitti akka kennamu karoorsuufi akka galma ga'u qindeessuun kan raawwatudha. Qormaatni tokko yeroo ammamii akka barbaachisu, waantoota qinda'uu qaban, meeshaalee qormaataaf barbaachisan qopheessuu, namoota qormaataaaf barbaachisan, baasii qormataaf barbaachisuufi wkf dursanii hubachuun kan raawwatudha.

Innis waan qabatamaa ta'ee irratti xiyyeeffachuun kan raawwatamudha. "Test that is practical it needs to be within the means of financial limitations, appropriate time constraints, easy to administrator, score, and interpret." Brown (2004). Yaada hayyuu kanarraa akka hubatamutti, qormaanni waan yaadaa osoo hinta'iin, waan gochaafi hojiidhaan qabatamaa ta'e irratti xiyeeffachuun hanqina maallaqaa tokko malee, yeroo gaarii ta'een kan daangefamee, akkaataan hojiirra oolmaa isaa salphaa kan ta'eefi qabxii haala ifa ta'een ibsamuu kan barbaachisudha.

Qormaanni qabatamummaan qophaa'u yeroofi baasii garmalee akka hin qisaasessine ta'ee dhihaachuu qaba.Waantoota qormaataaf barbaachisan qopheessitoonni qormaataa dursanii itti yaaduun haala bakkaa, yeroo fudhatuufi sadarkaa barattootaa beekuun fiixaan ba'iinsa qormaataa galmaan gahuu akka qaban hubachiisa. Akka Harrison (1983) jedhutti, amaloonni qorumsaa bay'ee barbaachisoon amanamummaa, ga'umsaafi hojiirra oolmaadha.

## 2.5.4. Hojiirra Oolmaa

Dhimma hojiirra oolmaan qabeenya meeshaalee qorumsa sanaa bituuf oolan, yeroofi humna qorumsichaaf barbaachisu wajjiin kan walqabatudha. Kun ammoo, qorumsicha qopheessuu, qoruu, sororsuufi qaaccessuu of keessatti qabata. Yaada kanaan walqabatu Dirribaa Oliiqaa, (2011), Atkins (1996) wabeeffacghuun akka ibsetti, "hojiirra oolmaa qorumsaa kana yommuu ibsu, qoruuf kan salphatu, baasii guddaa kan hinbarbaanneefi sororsuuf kan salphatu ta'uu qaba" jedha. dimshaashumatti, qormaanni sadarkaa kamittuu qophaa'u tokko, fudhatama qaba kan jedhamu, seera qabeessummaan (validity), amanamummaa, kaayyoofi hojiirra oolmaa fayyadamuun qophaa'eera yoo ta'edha.

## 2.6. Barbaachisummaa Qormaata Naannoo

Qormaanni naannoo akkuma qormaata biyyoolessaa dhimmoota addaa addaaf tajaajila laata. Barattoonni qormaata isaan qoraman sadarkaa isaanii gara biraatti ceesisuuf (bench mark) fi ramaddii barattootaa adda baasuuf qooda olaanaa kan qabudha. Yaada kana Dirribaa Oliiqaa, (2011) (Adugnaw,2002:3) wabeeffachuun yommuu barreessu,"Students were placed in different technical and vocational schools according to their academic and aptitude test results." jechuun ibseera. Yaada kanarraa kan akkka hubatamutti, Qormaanni naannoo akkuma qormaata biyyoolessaa dhimma beekumsaa, ga'umsaafi dandeettii barattootaaf murtee laachuuf tajaajila.

Kana malees, Barattoonni qormaata Naannoo fudhatan akkaataa dandeettiifi firii qormaata argataniin barnoota ogummaafi akkaataa dandeettii isaaniin ramadamu. Kaayyoon olaanaan qormaata naannoo qulqullina barnoota naannoo tokkoo safaruufi mirkanneessuuf tajaajila. Kun ammo, barattoonni dandeettiifi beekumsa isaanniin guddina biyyaa irratti akka hirmaataniif tajaajila. Dabalataan qormaanni naannoo kun ofitti amanammummaa barattootaa keessatti kan uumuufi itti fayyadamaa yeroo akka beekan gochuufi dhimma akaakuu barnootaa hubachuurratti qophii akka taasisaniifi akaakuu dorgommii qormaataa irratti bu'aa buusuu isaanii kan madaaluufi gara sadarkaa $2^{ffaa}$tti kan isaan ceeesisudha.

Kana malees, qormaanni naannoo barattoonni dhimma akaakuu barnootaa isaanii beekumsa qabaachuu, gaaffii dhihaate beekuufi dogoggora gaaffii qorachuuf gargaara. Qormaanni sadarkaa naannootti barattootaaf kennamu kun, karaa ittiin Barattoonni karoora hawwataa dagaagsaniifi

gahumsa sirrii ta'e erga gonfatanii booda cimina isaanii kan ittiin mirkaneefataniifi gara sadarkaa itti aanuutti akka ce,an kan isaan gargaarudha.

## 2.7. Qormaatni tokko yoo Qophaa'u, maal maal bu'uurreffata?

Yaada kanaan walqabatu Xibabuu Roorroo (2008) akka ibsetti, qormaanni tokko yeroo qophaa'u kaayyoo maaliif akka adeemsifamu bu'uura godhachuu qaba jedha. kana malees, Heaton (1990) akka ibsutti, waa'ee kaayyoo qormaataa irratti,

> *"Qormaata yeroo barbaadametti qoruu yoo barbaadne maaliifi maal qoramuu akka barbaadne beekuun barbaachisaadha. Yookaanis yeroo baay'ee akka raawwannutti barattoonni waan baratan dandeettii afaanii akkam akka hubatan ykn barattoonni fooyy'insa jiran madaaluufi hubachuuf jedhamee qormaata nqoramujechuun ibsaneera.*

Knuma bu'uura godhachuun, qormmaanni tokko yoo qophaa'u, qulqullina qabaachuufi dandeettiiawwan afaanii arfan ka'umsa taasifaachuun qophaa'uu qaba. Waan dhokataafi barattoota kan dogoggorsu ta'uu hin qabu. Akkasumas, sirriitti ifa kan ta'eefi dandeettiiwwan kan of keessatti hammate ta'uu qaba. Kana malees, barattootaaf qorumsi kennamu xiyyeeffannaa doomeenii sadan ka'umsaa taasifaachuun qophaa'uu qaba. Isaanis beekumsa xinsammuu, ilaalcha, yaad-qalbii irratti bu'uureffatee akkaataa amala barnoota kennamuutiin qophaa'ee kennamuu qaba. Dabalataannis, Xibabuu Roorroo (2008) qorannoo isaarratti yoo ibsu,

> *Qorumsi qophaa'u akkaataa ga'umsa barachuu isa barbaadamuu irratti xiyyeeffatee domeenii hubannoo keessaa yoo xinnaate kaayyoo sadii irratti hundaa'e haala gabatee tarreeffama qajeelfama waliigalteetiin qophaa'uu qaba. Kaayyoleen barachuu fakkeenyaaf beekumasa, hubannoo, hojii irra oolchuu, gocha walitti fiduu, xiinxaluu, madaaluu ta'anii yeroo boqonnichi fudhate, boqonnicha xumuruuf xiyyeeffannaan barsiisaan kenne gadi fageenyaan hagam akka barsiifame, mala barsiisuu boqonnichaaf qabameef xiyyeeffannaa kenna.Labsii BBO lakk.199/2008:5 wabeeffachuun lafa kaa'eera.*

Kana malees, qormaanni tokko yoo qophaa'u sadarkaa barattootaa dandeettii isaanii, qabiyyee kitaaba barattootaa bu'uura godhachuun qophaa'u qaba. Akkasumas, Salphaa kan ta'eefi qulqullina kan qabu ta'uu qaba. Jechoota nuti qormaata keessatti itti gargaaramnu ifa kan ta'aniifi sirriitti kan dubbifaman, sirna tuqaalee bakka barbachisutti sirnaan fayyadamuun qophaa'uu qaba. Qajeelfamni qarmaataa ifaafi barattootaa kan hin dogoggorsine ta'uu qaba.

Qormaanni qophaa'uu tokko aadaa barattootaa bu'uura taasifachuu, waan isaan baratan bu'uureffachuu, sadarkaa (kutaa) isaanii barachaa jiran beekuu, dheerina yeroo qormaataa itti fudhaturratti xiyyeeffachuun qophaa'uu qaba .kana malees, qormaanni qophaa'u waantota armaan gadii bu'uura taasifachuu qaba. Isaanis: Maaliif akka qortu adda baasuudha. Kunis kaayyoon qorumsuchaa maal akka ta'e, dhimma maaliif akka karoorfame kan ibsudha. Kaayyoon qorumsaa erga adda bahee booda qabiyyee isaan adda baasuudha. Sababni isaas barataan qabiyyee barateen qormaata fudhachuu qaba waan ta'eef. Itti dabalees, gaaffiin tokko waan tokko qofaaf dhaabbachuu akka qabu beekuufi waan barataniin qoramuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

## 2.8. Maalummaa Meeshaalee Barnootaa

Akka Dirribaan, (2011:8), ibsetti, Meeshaalee barnootaa jechuun adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kan barsiisaan itti tajaajilamu ta'ee; fedha barattootaa guutuufi baruu barsiisuu fiixaan baasuuf kan gargaarudha. Isaanis fiixaan ba'insa baruu-barsiisuuf milkeessuu keessatti iddoo olaanaa qabu. Kana malees, meeshaaleen barnootaa haala baruu-barsiisuu dimshaashaa kaayyoolee barnootaa fiixaan baasuufi qabiyye barnootichaa qabatamaan ibsuuf kan fayyadanidha. Kun ammoo, kan xiyyeeffatu qabiyyee kitaaba qofarratti osoo hin ta'iin qabiyyee mata duree barnootaa tokko dhiheessuu keessatti qabatamaa taasisuuf kan itti gargaaramanidha.

Akkasumas, yaada kana deeggeru Orji (2000) yoo ibsu,

> "*asserts that teaching aid is "the guidance of learning activities that a teacher uses to motivate and arouse student's desire to learn". An instructional material makes students understand easily when the teacher makes use of a working model."*

Akka yaada hayyuu kanatti meeshaalee barnootaa jechuun kan barsiisaan fedha barattootaa dadammaksuuf kan itti gargaaramuu ta'ee, haalli baruufi barsiisuu akka fiixaan bahuuf kan tajaajiludha.

Kana malees, Akka hayyoonni Harrison and Gowin (1995) ibsanitti, "Meeshaaleen deeggarsa barnootaa fudhatama barnootaa irratti dandeettii dubbisuufi dandeettiiwwan biroo barattoonni akka fooyyefatan kan tajaajiluufi qabatamummaatti dandeettii isaanii akka dagaagfataniif tajaajila." jedhu. Kanaafuu, Kitaabilee barnootaa meeshaalee deeggarsa barnootaa keessaa isa tokko ta'ee baruufi barsiisuu galmaan ga'uu keessatti qooda olaanaa kan qabudha.

### 2.8.1. Akaakuu Meeshaalee Barnootaa

Galma gahimsa sirna barnootaa keessatti, adeemsa baruufi barsiisuu fiixaan baasuuf meeshaalee barnootaa akaakuu garaa garaatti dhimma bahamu baay’eetu jiru. Kanneen keessaa: silabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, meeshaalee deeggarsa barnootaa warra bu’uuraati.Isaanis wal deeggaruun dandeettii, ogummaafi beekumsa barattootaa cimsuuf gargaaru.

#### 2.8.1.1. Silabasii

A syllabus is summary outline of a discourse, treatise, or course of study or of examination requirements. Akkuma yaada kanaa olitti tuqame irraa hubachuun danda’amutti, silabasiin gudunfaa yaada waliigalaa qabiyyee, akaakuu barnoota tokkoof seera qabeessaan waan barreeffame, koorsii qo’annoo ykn qormaataaf hedduu barbaachisaa kan ta’edha. Kanaraa kan hubannu silabasiin qophii qormaata kamiyyuu keessatti barbaachisaa akka ta’edha. Kanaafuu, silabasiin qormaata xumura barnoota sadarkaa1$^{ffaa}$ kutaa 8$^{ffaa}$fi biyyoleessaa wajjin walitti dhufeenya kan qabanidha. ( Dirribaa Oliiqaa, 2011).

Akkasumas, Silabasiin haala qophii sirna barnootaa keessatti sadarkaa koorsiin kaayyolee qabatamaatti adeemsaa madaalamuufi safaramuu danda'uun qoqqoodamee itti dhiyaatudha. Dabalataan, qabiyyee yookiin mata-duree yeroo murtaa’e keessatti hammatamuu, tooftaa baruu-barsiisuu kan barbaachisummaan koorsiifi akkaataa qormaataa keessatti balballoomu hammata. Walumumatti, tooftaa hojiirra oolmaaa adeemsa sirna barnootaati jechuudha. Yaada silabasiin walqabatu hayyoonni, Dublinifi Olshtain ,(1986:28), yommuu ibsan:

> *Ragaa barruu waan barattootni dhuma koorsiitti beekuun irra jiru ibsu, ragaa barruu kan yeroo koorsiin kennamu maaltu barsiifamuu yookiin baratamuu akka qabu bifa hojii raawwatameefi hafe addaan baasuu, ragaa barruu qabiyyeen tokko yoom akka barsiifamuufi haala maaltu hojii irra ooleefi hin oolleen sadarkaa adda addaatti fooyya'insi saffisaa ittiin deemuu qabu kan agarsiisu, ragaa barruu waanti addaan ba'ee beekame kun adeemsa ittiin barsiifamuu qabu irratti yaada kenna. Yaada kana irraa silabasiin sirna barnootaa caalaa kan barachuu kutaan wal qabatu ta'a. Walitti dhufeenya barsiisotaafi barattootaan maaltu akka kutaatti ta'u agarsiisa. Qabiyyee filuufi sadarkeessuu xiyyeeffatee qaama qophii sirna barnootaa kan ta'eefi kan barumsaaf ka’umsa ta’edha jechuu dandeenya. Silabasiin karoora sirna barnootaafi ka’umsa sirna barnootaa ta’ee,*

*yeroo boqonnaaleef qoqqoodame, mala ittiin barsiifamu, eenyuun akka hojiirra oolu ibsuun, dhuma barnootichaatti barattoonni waan baratan addeessuun iddoofi qabiyyee barnootichaa eeruun, keessa deebi'uun akkamitti akka hojjetamu madaaluun qabxilee ijoon dhiyeessuun tumsa kan godhuudha*.

Kana malees, dhima kanaan walqabatu hayyoonni Breen in Center and Nunan ,(2001:151 ), "A Syllabus is aplan of what is to be achieved though teaching and learning. It is a part an overall language curriculum or course which is made up of four elements: aims, content, methology and evalution." jechuun ibsu.

Yaada hayyoota kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, silabasiin karoora adeemsa hojii baruufi barsiisuu keessatti, galma gahinsa kaayyoolee karoorfaman bira gahuuf nama gargaaran keessaa silabasiin isa tokkodha. Karaa biraan, akaakuu sirna barnoota Afaaniifi akka gosa barnootaa ta'ee, ruqoolee gurguddoo afur kan ofkeessaa kan qabudha. Isaanis: Kaayyoo, Qabiyyee, tooftaafi Madaallii fa'a, jechuun ibsu

Kana malees, qaamolee Silabasii kanneen jedhaman kanneen adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dandeettii gahumsa barattootaa cimsuufi dagaagsuuf akkaataa saayinsawaa ta'een qophaa'anidha. Isaan kunneenis: kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree, qabiyyee, baayyina wayitii, tooftaa baruu-barsiisuu, meeshaalee deggarsa barnootaafi gamaaggama.Akkasumas, ogummawwan afaanii, hiikni jechootaa, caaslugni qaamolee silabsii keessaa kanneen biroodha. Isaan kun wal utbuun adeemsa baruufi barsiisuu galmaan geessisu.

## 2.8.1.2. Kitaaba Barataa

Kitaabni barataa gama kamiinuu galma gahinsa hojii baruufi barsiisuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuun isaa beekamaadha.Yaada kana akka Dirribaa Oliiqaa,(2011), ibsutti,

*Kitaabni barataa qaama meeshaalee sirna barnootaa keessaa isa tokkodha. Innis, akkaataa silabasiin hojiirra oolchan irratti kan xiyyeeffatudha. Haalumaa kanaan, barattoonniifi barsiisonni adeemsa baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barnootaa akkamitti akka hojiirra oolchan kan gargaarudha. Kitaabni barataa qabiyyeewwan addaddaa kan of keessatti qabate ta'uu qaba. Innis, dandeettiiwwan afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) fi beekumsa afaaniiti. Beekumsi afaanii kan waa'ee afaanii gad fageenyaan caasaa isaarratti kan xiyyeeffatudha. Kana malees, malleen baruufi barsiisuuf mijataa ta'an kan of keessatti hammateefi madaallii barataa giddu galeessa taasifachuun kan qophaa'udha. Meeshaalee barnootaa keessaa tokko kitaaba barnootaati. Innis, haala baruufi barsiisuu mijataafi si'ataa gochuuf kan*

*barsiisonni itti gargaaramanidha. Akkasumas, Kitaabni barnootaa yeroo qophaa'u, fedhii barattootaa giddu taasisuun haala baruu-barsiisuu galmaan ga'a.Kitaabni barnootaa yemmuu qophaa'u fedhii barataa giddugaleessa godhachuu akka qabuufi silabasii barnootaa wajjin walsimatee qopaa'uun barbaachiisaadha.*

Akkasumas, Hayyuun Brown ,(2000), akka ibsetti, "kitaabni barnootaa kitaaba sirna barnootaa keessatti tajaajila kennudha." Jedha. Dabalataan, Cook, (2001), dhimma kana yoo ibsu, kitaabni barnootaa barataan kallattii addaa addaan akka baratu tajaajila. Jedha. Ogummaan barnootaa baratamuu qaban unka ittiin to'atamu danda'utti qoqqooduudhaan akkaataa itti baratamuuf qopha'an; salphaarraa gara cimaatti, beekamaarraa gara kan hinbeekamneetti, tarreessuun dhiyeessuu akka qaban jedha. Kanaafuu, akaakuu meeshaalee barnootaa keessaa kitaabni barnootaa isa bay'ee barbaachisaa ta'edha. sababiin isaas,, kallattii hojiirra oolmaa silabasii barnootaa irratti kan hundaa'udha. Bu'uuruma kanaan, barsiisonniifi barattoonni adeemsa hojii baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barnootaa akkamitti akka hojiitti hiikuu qaban karaa kan itti argisiisudha.

## 2.8.1.3. Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchi barsiisaa kitaaba barataarratti bu'uureffachuun kan qophaa'udha. Kan inni qophaa'eefis kitaaba barataa irratti yaadolee tokko tokko irratti barsiisotaaf ibsaafi yaadannoo kennuudhaan barsiisonni kaayyoolee, qabiyyeefi tooftaalee garaa garaa ibsaman muuxannoo isaanii, beekumsaa, fedhiifi dandeettii barattootaa isaanii waliin wal simsiisanii akka itti gargaaramaniif haala kan mijeessuufi daandii kan qabsiisudha. Yaaduma kanaan walfakkaatu Dorribaa Oliiqaa, (2011) yoo ibsu,

*Qajeelchi barsiisotaa, barsiisotaafi barattootaa deeggaruuf kitaaba barattootaatti akkamiin fayyadamuu akka qaban irratti odeeffannoo ifaa ta'e kan kennudha. Akkasumas, haalli baruu-barsiisuu akkaataa kamiin akka deemuufi madaalliin walitti fufinsa qabu kan ofkeessatti hammatedha. Kitaabni qajeelcha barsiisaa barnoota torbanii irratti kan xiyyeeffatee qophaa'eefi barnoonni torbee tokkoo immoo, wayitiilee adda addaatti qoodamee kan dhihaatedha. Barannoon kitaaba barataa keessa jiru tokkoon tokkoon isaa kan qajeelcha barsiisaa keessa jiruun walsimee kan dhihaatedha*. jedha.

## 2.8.2. Faayidaa Meeshaalee Barnootaa

Hojiilee baruufi barsiisuu galmaan gahuu keessatti meeshaaleem barnootaa tajaajiloota hedduu kennu. Waa'ee faayidaa meeeshaalee barnootaa hayyuun Heinich, (1993), yommuu ibsu,

> *barnoota sadarkaa kamitti kennamurratti haala ittiin odeeffannoo barnootaa toora gale ykn sirriitti akka hubataniif qindaa'ee barataa bira gahuun bu'a qabeessa taasisuuf fayyada jedha. Akkasumas, barnoota qabatamaa taasisuuf qabiyyeewwan barnootaa daree keessatti kennamu naannoo isaa waliin walsimsiisee dhiheessuun hojii baruufi barsiisuu daran mijataa kan taasisudha."jechuun ibseera .Kana malees, Adeemsa hojii baruufi barsiisuu haala qabatamaa taasisuuf, meeshaalee barnootaa qabiyyee barnootaa waliin deemanitti gargaaramuun caalaatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa. Kanaaf, haala armaan gadiin hayyootni adda addaa dhimma kanarratti ragaa bahu.*

Akkasumas, Hayyoonni, Heinich fi kanneen biroo ,(1998), akka ibsanitti, faayidaan meeshaalee barnootaa inni bu'uuraa muuxannoo barnootaa kanneen qabatamoo ta'aniifi qabatamaa gidduu madaallii jiru fooyyessuun walsimsiisee dhiyeessuu qofa osoo hin taane barattoonni muuxannoo duraan qabaniin akka walmadaalchiisaniif ni gargaara jedhu.

Kanaaf, qabatamummaa meeshaalee barnootaa dhugoomsuuf, mata-duree kana keessatti baay'ee faayidaa waan qabaniif dhimma itti bahuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Walta'insa Meeshaalee barnoota kun adeemsa baruu-barsiisuu fiixaan ba'uu danda'u. Fiixaan ga'insi barnootaa kan madaalamu ammoo meeshaalee barnootaa fayyadamuun qormaataa barattootaaf kennuun galma gaha.

## 2.9. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata-duree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura adeemsifamanii mata-duree qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban qoratichi hanga yoonaatti dubbisee bakka itti sakatta'amudha. Faayidaan isaa, tokkummaafi addaa addummaa qorannoon kun qorannoo biraa wajjin qabu adda baasanii kaa'uudha.

Akkasumas, Dirribaa Oliiqaa, (2011). Sakatta'a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodelaafi Biyoolessaa Kutaa 10$^{ffaa}$fi 11$^{ffaa}$ Kitaaba Barataa Xiyyeeffannoo Bara 2010,Girmaa Ittaanaa (2007) mata duree, "Gahumsa Qabiyyee Qorumsa Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ Barsiisaa Dareen Qophaa'e: Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Godina Wallaggaa Lixaa keessaa filataman

Wabeeffachuun.” jedhurratti qorannoo geggeeseera. Kaayyoon qorannoo isaa: Qorumsa manneen barnootaa keessatti kennaman qabiyyeelee lakkoofsa boqonnaalee kitaaba barataafi gilgaalota kitaaba barataa keessatti kennaman waliin haala gaarii ta’een akka walsiman hubachuufi. Kaayyoon qorannoo kana garuu hariiroo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi10, qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 walsimannaa isaaniirratti kan xiyyeeffatedha. Kanaafuu, qorannoo kun adda adda. Qormaanni biyyolessaa waggaa waggaan haa qophaa’u malee qabiyyeen isaa bara baraan adda addaa. kanaafuu qorannoon kun garaagarummaa qaba.

Tsahaay Bashiir (2008), “Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo, Moodeela Bara 2008fi Qormaata Biyyooleessaa Kutaa 10ffaa bara 2008: Kaayyoon gooroo qorannoo ishee: walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa, moodeelaafi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara 2 008 xiinxaluu kan jedhudha.

Kaayyoon qorannooshee uwwisa qabiyyee kitaaba barataafi qormaataa moodeelaafi biyyolessarrattidha. Kaayyoon isaa uwwisa gaaffilee kitaaba barataarratti dhihaatae bu’uura godhachuun dhihaate.Knaafuu addaa adda akka ta’e hubachuun ni danda’ama.

Xibabuu Roorroo (2008) mata duree, “Qaaccessa Ga’umsa Qabiyyee Moodelaa Qormaata Barnoota Afaan Oromoo Kutaa10 Bara 2007 “jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Kaayyoon qorannoo isaa: Ga’umsa qabiyyee moodeelaa qormaata Afaan Oromoo xumura kutaa 10$^{ffaa}$ bara 2007 dhihaate qabiyyeewwan shaakaloota adda addaa kitaaba barataa kutaa 9fi10 keessa jiran waliin akka walsimatan kan jedhurratti xiyyeeffete. Kaayyoon qorannoo kanaa ammoo, hariiroo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10$^{ffaa}$fi qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa bara 2010 jedhurratti kan adeemsifamedha.

Kanaafuu, garaagara. Walumaagalatti, qorannoowwan waa’ee qormaata Afaam Oromoo moodeelaafi biyyoleessaa hedduu ta’uu danda’u kan qoratichaan walbira qabamanii sakatta’aman kanneen olitti ibsamaniidha

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannoo ilaalchisee hayyoonni garaa garaa yaada addaa addaa kennaniiru. Yaada kana ilaalchisuun Addunyaa (2011:63) hayyoota Cohen, Manion and Morrison, (2005:75), wabeeffachuun yoo ibsu, "*Research design is governed by the purpose. The purpose of research determine the methodology and design of research,*" jedha. Yaada kanarra kan hubatamu, saxaxni qorannoo tokkoo kaayyowwan qorannichaan kan murtaa'u ta'uusaa mul'isa. Saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoowwan qorannichaa bu'uureffachuun dhihaata. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorataan akaakuu qorannoo ammamtaafi akkamtaa (makaa)tti dhimma baheera.

Iyyaafannoon walitti qabaman ibsaafi lakkoofsaan ibsuun barbaachisaa waan ta'eefidha. Akkasumas, Addunyaa Barkeessaa, (2011:63), yaada kana kan cimsu akkana jechuun ibsa "*Qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffata yoo ta'e, saxaxni isaas ibsadha. Kan ibsamus, odeeffannoo akkamtaarratti yoo hunda'e, saxaxni isaa ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive); odeeffannoo lakkoofsaan ibsaman yoo bu'uura taasifate garuu, ibsaa ammamtaa (quantitative descriptive) ta'a.*" jedha.

Bu'uuruma kanaan sakatta'a dookimantiifi afgaaffii barsiisotaa akkamtaa gargaaramuufi bargaaffii barattootaa ammamtaa gargaaramuun hojjiitti hiikameera. Kun ammo, tooftaa tokkotti gargaaramuurraa tooftaa makaa gargaaramuun hanqina jiru gad-fageenyaan akka hubatan tajaajila.(Dastaa, 2013:29). Yaada kana irraa akka hubatamutti tooftaan kun gad-fageenyaan sakatta'uufi xiinxalamuurratti humnas kan qabuufi hubannoo babal'isuufi haala kan mijeessu ta'uusaati.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Qorataan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf, tooftaa lakkoofsaa (quantitative method))fi tooftaaa ibsaa (descriptive method)tti dhimma baheera. Sababni tooftaa kana fayyadameef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xiinxaluu barbaadameeti. Kun ammoo, tooftaa tokkotti fayyadamuurra mala makaatti gargaaramuun haqinaalee jiran gadi fageenyaan akka hubatan waan tajaajiluufi. (Dastaa2013:29).

Yaada kana irraa akka hubatamutti, tooftaan makaa gadi fageenyaan xiixaluurratti humna qabaachuuf, gama amanuufi hubannoo bal'isuu irratti haala kan mijeessudha.

Iyyaafannoowwan kallattii garaa garaatiin walitti qabaman qorannoo kana keessatti walitti walitti fiduun qaaccessuun dhimma ijoo tokko keessaa baasuuf tooftaan makaa kun haala kan mijeessedha. Kana bu'uura taasifachuun qoratichi Sakatta'a wal-simannaa Qabiyyee Qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oropmiyaaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qaphaa'an qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa waliin qaban sakatta'ameera. Kana hojiirra oolchuuf sakatta'a dookimantii, bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaa gargaramuudhaani. Hirmaattoonni barsiisota naannoo Oromiyaa fi Bulchiinsa magaalaa Finfinneefi baratttoota bakka lameenii filatamanidha.

## 3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti qoratichi filannoo iddattoo isaa kanas hojii irra osoo hin oolchin dura odeef-kennitoota addaan baafachuuf dursa hojjattoota biiroo barnoota magaalaafi dhimmamtoota qormaataa naannoo ofiitti argachuu danda'u waliin marii taasiseera. Bu'uuruma kanaan Irraawwatamtoonni qorannoo kanaa kitaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa akkasumas barsiisotaafi barattoota bakka lameeniifi dookimeentii qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oropmiyaaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qaphaa'aniitti dhimma baheera.

## 3.4. Mala Iddaatteessuu

Qorannoon kun yeroo geggeeffamu iddatteessuu miti carraatti fayyadame. Bu'uuruma kanaan, qoratichi akaakuu iddateessuu miti carraa keessaa iddateessuu kaayyeffamaa (akkayyo)tti dhimma bahuun ragaalee odeef-kennitootarraa sassaabbate, Sababni isaas tooftaa iddatteessuu akkayyoo Addunyaan (2011:67) yommuu ibsu, "*Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessu ilaallata*" jedha.

Akkasumas, Dastaa, (2013), yaada kanaan walqabatu yommuu ibsu, "*yommuu mala akkayyoo fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaannee filanna. Kanaafis sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaadha*" jechuun ibsa. Sababa malli iddatteessuu kun filatameef,

kaayyoo qorannichaafi qabiyyee qorannichaa irratti waan hundaa’eef ragaa barbaachisoo ta’an kallattiin odeef-kennitoota irraa fudhachuun waan odeeffannoon qaacceffameefi.

Bu,uuruma kanaan, qoratichi iddattoo barsiisota mana barumsaa Shanoo sadarkaa 1ffaa bulchiinsa magaalichaa keessa ta’aniifi bulchiinsa magaalaa Finfinnee barnoota Gadaa kutaa 8ffaa barsiisaa jiran baay’inni Dhiira sadiifi dhalaa afur waliigala torbaafi barattoota bakka lameenii Dhiira 265fi Dhalaa 362 waliigala 627 ta’edha.Kanneen keessaa barattoota dhibbeentaa kudha torba fudhachuun barattoota dhibbaaf jaha, dhiira 47fi dhalaa 59tti qoratichi dhimma baheera. Kunis sakatta’a dookimatiirratti akka odeeffannoo dabalataatti fayyadameera. Mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo Barnoota Gadaa kutaaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa’eefi dandeettii baratootaan walgituufi wal gituu dhabuu isaa adda baasuuf, iddatteessuu hunda hammachiisaatti fayyadameera

## 3.5. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorataan, qorannoo kana adeemsisuuf, akka madda ragaa tokkoffaatti kan itti gargaarame sakatta’a dookumantii yoo ta’u, isaanis: walsimannaa qabiyyee barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaa Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa’an fayyadamuun raga walitti qabate. Sababni Kitaabni barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa barbaachiseef, qabiyyeen qormaanni Gadaa kutaa 8ffaa kitaabicha irratti hundaa’uun qophaa’a waan ta’eef. Kanaafuu, qabiyyee kitaaba barataa, qormaata bara 2013fi 2014 Naannoo kan Biiroon Barnoota Oromiyaa baaseefi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheessan walsimannaa qabaachuufiqabaachuu dhabuu isaanii sakatta’uuf maddi ragaa dookimantii kunneen qorannnoo kanaaf murteessaadha.

### 3.5.1. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Funaansa ragaaleef meeshaaleen fayyadan sakatta’a dookimantiifi afgaaffiin akkaataa armaan gaditti dhihaatanii jiru.

### 3.5.2. Sakatta’a Dookumantii

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamu qorataan akkuma amalaafi akaakuu qorannootti raga funannaachuuf meeshaalee funnansa ragaa barbaachisoofi qorannoo isaaf barbaachisaa ta’e

fayyadamuu qaba. Qoratichi qorannoon geggeessu, walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa Gadaa kutaa 8ffaa, qormaata Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan sakatta'e waan ta'eef. Isaan kun ammoo, dookimentii keessatti argamu. Yaada kanaan walqabatu Dastaa, (2013:131) yommuu ibsu, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu jira. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, gaazexaa, barruulee addaa addaa, barreeffama mana murtii, yaadannoofi wkf ta'uu malu. Dookimentoonni kunis, mana kitaabatti ykn namoota harkatti argamuu danda'u." jedha.

Kan malees, "Dookimantoota akka ragaatti fayyadamne kanneenitti osoo hin gagaaramiin dura dhugummaa isaanii hubachuun barbachisaadha. Dhugummaa isaanii mirkaneeffachuuf ammoo, qeequun gaariidha. Qeequun, qeeqa keessaafi qeeqa alaa jedhee bakka lamatti qooda. Yaaada hayyuu kana irraa hubachuun akka danda'amutti, dookimantoonni akka madda raga qorannootti kan nama gargaaran ta'uu isaati.

Bu'uuruma kanaan, odeeffannoo meeshaalee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaafi qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan, wal simannaa isaan qaban walbira qabuun hariiroo isaanii adda baasuudhaan jala jalatti qaacceffamanii ibsi barbaachisu itti kenname jira. Kunis walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa keessatti argamaniifi qabiyyee qormaata xumura barnota sadarkaa 1ffaa kutaa 8ffaa keessatti argaman qofa qofaatti cheeklistii gargaaramuun hojiitti hiikameera.

Akkasumas, kitaaba barataa keessatti qabiyyeewwan hammatamaniifi qormaata keessatti hammataman gabateetti gargaaramee wal madaalchisuun hojiirra ooleera. Qormaanni xumura barnoota sadarkaa 1ffaa Gadaa kutaa 8ffaa kan bara 2013fi 2014 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa'anidha.

### 3.5.3. Afgaaffii

Meeshaalee ragaan ittiin funaanan keessaa inni tokko afgaaffiidha. Afgaaffinis, gaaffii afaaniin dhihaateef deebii kennamudha. kunis kan barbaachiseef yaada dabalataa argachuufi raga dookimentirraa argame jajjabeessuuf, barsiisota Barnoota Gadaa mana barumsaa Shanoo sadarkaa 1ffaa fi mana barumsaa Bulchiinsa magaalaa finfinneef dhihaatee; dhimma jiru furmaata isaa waliin sakatta'uuf kan gargaarudha.

Dhimma kanaan walqbatee, Dastaa (2013:111) yommuu ibsu, “*Afgaaffiin akaakuuwwan odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta’ee kan qorataafi odeef-kennan fuulleetti wal arganii odeeffannoo walii kennanidha. Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennan gaafachuu danda’uu isaati.*” jedha.

Bu’uuruma kanaan qaama dhimmicha qoratamu kanarratti hubannoo qabu jedhamee kan yaadame barsiisotaa waliin gaaffiifi deebii adeemsisuun odeeffannoo qabatamaa argachuufi qorannoon gaggeeffamaa jiru kun hagam dhugummaa akka qabu hubachuuf nama fayyada waan ta’eef, namoota muraasa qaamaan wal qunnamanii yaada gadi fageenyaa funaannachuufi afgaaffii caaseffaamaa gargaarameera.

yaaduma kanaan walqabatee, walsimannaa qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Magaalaa Finfinneen bara 2013fi 2014 qophaa’an adda baasuuf qoratichi ragaa funaanuuf afgaaffii barsiisota mana barumsaa lameenii Barnoota Gadaa barsiisaniif dhiheessuun dhimma itti ba’e. Afgaaffiin barsiisotaaf dhihaate kun lakkoofsaan shan yoo ta’u, hunduu gaaffilee banamoo ibsa bal’aa akka itti laataniif kan dhihaatedha.

## 3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu

Ragaan qorannoo kanaa karaa sakatta’insa qabiyyee kitaaba barataa kutaa 8$^{ffaa}$fi ,akkasumas, sakatta’insa walsimannaa qabiyyee qormaata Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaala Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan, cheeklistii yookiin bifa gabatee qopheessuun walitti qabuun qaaccessee jira.

akkasumas, karaa bargaaffiifi afgaaffii qopheessuun hojiirra oola. Adeemsa kana keessatti jalqaba sakatta’aa qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$fi qabiyyee qormaata Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ geggeeffame. Itti aansuun barattootaaf bargaaffii dhiheessuun akka gaaffii deebisan godhaame. Itti fufee, Afgaaffii barsiisota dhiheessuun yaada akka kennan godhaame. Dhumarratti ragaaleen madda garaa garaa irraa argame walitti qabamuudhaan ibsi itti kennamuun dhihaate.

## 3.7. Tooftaalee Xiinxala Ragaalee

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf (milkeessuuf) ragaaleen wayita funaannaman adeemsa kanneen hordofe. Isaanis: Jalqabarraatti qormaata barnoota Gadaa bara 2013fi 2014 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa’e walitti qabate. Itti fufee qabiyyee kitaaba barataarraa jiruufi qormaata lamaanirraa argaman qofaatti ka’uun qaaccesse. Itti dabalees qabiyyee kitaabarraafi qormaatarra jiran walbira qabuun walsimannaa isaanii adda baase. Dhuma irratti bu’aa sakatta’a kanaa erga argate bu’uura taasisuun gaaffii qopheessu barattootaaf bargaaffii kudhan, barsiisotaaf afgaaffii shan dhiheessuun ragaa funaannateera.

Ragaleen meeshaalee funaansa lamaan: sakatta’a kitaaba barataa barnoota Gadaa, qormaata barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ xumura barnoota sadarkaa $1^{ffaa}$ bara 2013fi 2014, Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa’an, bargaaffii fi afgaaffii irraa walitti qabaman, tooftaa ammamtaafi akkamtaa gargaaramee qaacceffamuun dhihaataniiru. Tooftaan ammamtaa odeefannoo bargaaffii bifa lakkoofsaan walitti qabaman dhibbeentaatti jijjirame qaacceffamuun kan dhiyaate yoo tau, tooftaan akkamtaa ammoo, adeemsaa ragaan ittin xiinxalamu keessaa isa tokko ta’ee; ragaalee sakatta’aafi afgaaffiin walitti qabaman jechaan ibsuun kan dhihaatedha.

# BOQONNAA AFUR:  XIINXALAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroo Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan sakatta'uudha. Kanaafuu Boqonnaan kun ragaaleen sassabaman bakka itti qaacceeffamanidha. Jalqabarratti kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa keessatti qabiyyee argaman adda baafamaniiru. Itti aansuun qabiyyeen qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroo Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheessan keessatti argaman sakatta'amuun qaacceeffamaniiru. Dhumarratti, ragaaleen afgaaffiifi bargaaffii irra argaman akka madda ragaa dabalaatatti dhihaataniiru.

## 4.1. Ibsa Gabaabaa Madda Ragaalee

Qorannoo kana keessatti akka madda ragaaleetti kan fayyadan, kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa fi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroo Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessanidha. Isaanis gabaabinaan akka armaan gaditti dhihaataniiru.

### 4.1.1. Ibsa Gabaabaa Kitaaba barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa

Kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa madda ragaaf sanada qorataan fayyadamedha. Qorannoo kanaaf madda ragaa ta'ee kan tajaajile, kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaatiin bara 2013 kan maxxanfameefi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroo Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa'edha.

Kitaabni kun maxxansa isa jalqabaa haa ta'u malee, sadarkaa qulqullinaa isaa kan eeggateefi sadarkaa barattoota ni madaala jedhamee kan qophaa'edha. Kitaabni barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa boqonnawwan kudhan kan of keessaa qabudha. Tokkoo tokkoo boqonnaa keessatti sadarkaaleen Gadaafi sirni Gadaa, aadaa, duudhaa uummata Oromoo hammatee kan qophaa'eefi safuufi safeeffannaa, akkasumas, dimokiraasii haalan kan barsiisudha.

Kanamalees, sirna Gadaa keessatti gulantaalee Gadaa keessa jiran, caasaaalee bulchiinsa Gadaa, caasaaleee hoogganse bulchiinsa Gadaa, gahee miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaatti miseensonni sadarkaa garaa garaarra jiran qaban, jiloota sadarkaa garaa garaatti raawwataman,

tooftaa Oromoon yeroo ittiin lakkaa’u (dhaha), moggaasa maqaaleefi ayyaanota addaa addaa kabaja daa’immaniifi maanguddootaaaf sadarkaa sadarkaa isaaniitti taasifamuufi kan kana fakkaatan kan of  keessaa qabudha. Kaayyoon kitaabni kun qophaa’eefis, barattoonni aadaa, duudhaa, safuufi safeeffannaa uummata Oromoo, wal kabajuufi naamusa gaarii horachuun dimokiraasii akka dagaagfataniifidha.

Kanaafuu qormaanni kamiyyuu yeroo qophaa’u, haala barataafi kitaaba barataa bu’uura waan godhatuuf kitaaba barataa keessatti qabiyyeewwan barnootaa dhihaataniifi qabiyyeewwan barnooticha keessatti hammataman adda baasee dhiheeseera. Kana bu’uura taasifachuun, walsimannaan qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan sakatta’ameera.

## 4.1.2. Ibsa Gabaabaa Qormaata Naanno kutaa 8ffaa Kan Bara 2013fi  2014

Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan madda ragaaf sanadan gargaarame keessaa isaan tokkodha. Innis akaakuu gaaffii filannoofi heeddumminaan gaaffilee 60 kan ofkeessaa qabudha. Bara 2013fi 2014 barattoota qormaata Naannoof ni qopheessa jedhamee Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin dhihaate kannamaa ture. Qormaanni barnoota Gadaa akka Naannootti bara 2013 kutaa saddeettaffaatiif kennamuu jalqabe. Innis Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetti dhaabbata qormaataatiin qophaa’a. Qormaanni kunneen lamaan gaaffiiwwan 60 kan of keessatti hammataniifi qabiyyee addaa addaa qabatanii akaakuu gaaffii filannoo qofaan kan dhihaatanidha.

Qornaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2013 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa’ee dhiyaate qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa isa jaalqabaati. Haa ta’u malee garuu, gaaffilee filannoofi baay’inaan 60 ta’an qabatee kan diyaate yoo ta’u, gama biiroo barnootaa lamaaniinuu karaa walqixa ta’eefi qabiyyee walitti dhiyaatuun kan dhiyaate yoo ta’u, darbee darbee ammoo, gaaffilee walfakkaataafi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman, akkasumas, gaaffilee yaad-rmee walfakkaataa qabaatanii lakkoofsa garaa garaa irratti qopheessanii waan jiraniif irra caalaa walsimannaafi hariiroo kan qabudha.

Haa ta'uutii garuu, akkaataan itti dhiyaate kallattii addaa addaatiini. Kana jechuun, kan Biiroo Barnoota Oromiyaa qopheesse, gosa barnoota hawaasaa waliin kan dhiyaate yoo ta'u, kan Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheesse ammoo, gosa barnoota Afaan Oromoo waliin walqabatee dhiyaate. Gama qabiyee dhiyaachuu qabaniifi baay'ina gaafilaaen garuu, lamaanuu gaaffiii 60 qopheessuun karaa barattoota madaaluu danda'uufi qabiyyee kitaabichaa keessa jiru hammachiisuun dhiyeessuu yaalaniiru.

Kana malees, qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa bara 2014 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa'ee dhiyaate, yeroo lammaffaaf kan kennameefi isa jalqabaa caalaa walsimannaa kan qabuufi qabiyyeewwan walfakkaataniifi walitti dhiyaatan hedduu kan qabuufi qabiyyeewwan kitaaba barataarra jiru akkaataa barbaachisaa ta'een hammachiifamee dhiyaateera. Akkasumas, qabiyyee qormaataa gosaa addaa addaa qaban kan filannoon dhiyaataniifi baaay'ina gaaffilee 60 qaban qabatanii kan dhiyaatanidha.

Kanaafuu qornaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa bara 2014 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa'ee dhiyaate, kan bara 2013 caalaa walsimannaa qabiyyeefi gaaffilee walfakkaataa lakkoofsa walfakkaatu irratti argamaniifi gaaffilee yaad-rimee walfakkaataa qabaatanii lakkoofsa garaagaraa irratti argaman waan qabuuf fooyya'aadha.

## 4.2. Qaaccessa Walsimannaa Qabiyyee Qormaata Barnoota Gadaa Kutaa 8^ffaa bara 2013fi 2014 qophaa'e.

Kanatti aansuun walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiinbara 2013fi 2014 qophaa'an qaaccessuun ibsameera. Kana malees, walsimannaan qormaata Naannoo xumura barnoota sadarkaa 1^ffaa Gadaa kutaa 8^ffaa kan bara lamaanii Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinfinnee qopheessan harki caalaan isaanii (90%) kan ta'an walsimannaa qabiyyeefi gaaffileee qabaachuu sakatta'a dookimeentii geggeefameen bira gahamee jira.

Kana kan miirkaneessu ammoo, ajaja isaan kennan, gaafilee walfakkaataa filannoofi baay'inni isaa gaaffii 60 qabatee dhiyaateefi gaaffileen qophaa'an kallatumaan kan walfakkatan ta'uu isaati. Keessumattuu qorumsi bara 2014 gama lamaaniin qophaa'e, kan bara 2013 caalaa walsimannaa qabiyyeefi gaaffilee walfakkaatoo qabaachuu isaa qorataan sakatta'a dookimeentii taasiseen miirkaneesseera.

## Gabatee 1. Walsimannaa Qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa bara 2013 qophaa'e

| **Qabiyyeewwan kallattiin walsimataniifi bakka garaa garaa jiran** | **Bay'ina gaaffilee BBO lakkoofsaan** | | **Baay'ina gaaffilee BBMF lakkoofaan** | |
|---|---|---|---|---|
| | **Baay'ina** | **%dhaan** | **Baay'ina** | **%dhaan** |
| Gaaffilee sirna Gadaanfi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan | 17 | 28.33% | 16 | 26.67% |
| Gaaffilee caasaafi sadarkaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan | 7 | 11.67% | 6 | 10% |
| Gaaaffilee gahee miseensota Gadaan walqabatan | 3 | 5% | 7 | 11.67% |
| Gaaffilee jilaootaafi hojiilee sadarkaaa addaa addaatti hojjetamaniin walqabatan | 18 | 30% | 14 | 23.33% |
| Gaaffilee kunuunsa daa'immaniifi maaguddootaaf taasifamuun wal qabatan | 1 | 1.67% | 2 | 3.33% |
| Gaaffilee beekumsa walii galaan dhimma barnootichaan walqabatan | 12 | 20% | 7 | 11.67% |
| Gaaffilee dhahaafi hedannaan walqabatan | - | | 6 | 10% |
| Gaaffilee leenjiin kennamuun walqabatan | 2 | 3.33% | 2 | 3.33% |
| **Ida'ama** | 60 | 100% | 60 | 100% |

Gabatee armaan olirraa akka hubatamutti, walsimannaan qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa Biiroon Brnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013 qopheessan qabiyyeewwan adaa addaaf xiyyeeffannoon laatameera. Bu'uurumaa

kanaan gabatee kanaa oliirraa baay’ina gaaffilee walsimannaafi hariiroo qabanii bu’uura taasifachuun walduraa duubaan xiyyeeffannoon olaanaa kan laatameef keessaa:

Jalqaba irratti gaaffileesirnaGadaafi gulaantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan Biiroon Barnoota Oromiyaa 17 (28.33%) yoo qopheessu,Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 16(26.67%) qopheesse.Kana jechuun, gaaffileeen armaan olitti ibsaman kunneen bakka (lakkoofsa) garaa garaa irratti haa argaman malee, yaadrimeen isaan dhimma sirna Gadaafi gulantaalee gadaa keessa jiran ittiin gaafatangama qabiyyeetiin walsimannaa kan qaban ta’uu isaa qaaccessi sakkatta’a dookimentiin geggeeffameen ifoomee jira.

Lammaffaa irratti Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee jiloota sadarkaalee garaa garaatti geggeefamaniifi ardaalee jilaan walqabatan 18(30%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 14(23.33%) qopheesse. Kun kan nutti agarsiisu, gaaffileen gama lamaaniin dhimma qabiyyee jiloota geggeeffamaniifi ardaalee jilaa addaa addaan wal qabatanis gama walsimannaa qabiyyeefi qormaata Naannoon qabu yoo ilaallu baay’ee walitti dhiyeenya waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa sakatta’a dookimeentii geggeeffameen qqcceffameera.

Sadaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee beekumsa walii galaa dhimma barnoota Gadaan walqabatan 12 (20%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 7(11.67%) qopheesse. Kanarraakan hubatamu, gaaffileen gama biiroo lamaaniin qaphaa’an baay’inaan walgituu yoo baatanis, gama walsimannaa qabiyyeetiin hariiroo waan qabaniif, qormaanni bara 2013 gama lachaniinuu qophaa’e, walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa sakattaa dookimeentiifi walitti dhufeenya qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ waliin qabu taasifameen miirkanaa’eera.

Arfaffaa irratti, gaaffilee caasaafi sadarkaalee Gadaan walqabatan Biiroon Brnoota Oromiyaa 7 (11.67%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 6(10%) qopheesse. Kana bu’uura taasifachuunwalsimannaa qabiyyee qormaata biyyaalessaa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa biiroon barnoota lamaanii qopheessan hariroofi walitti dhiyeenya waan qabuuf, sadaffaa irratti baay’inni gaaffilee isaan baasan dhibbeentaa (1.67%) qofa garaa garummaa waanqabuuf walsimannaa qabiyyee qabaachuu qormaata Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota

BulchiinsaMagaalaa Finfinnee qopheessan sakatta'a dookimeentii qaacceffameen miirkanaa'eera.

Shanaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee gahee miseensota Gadaafi aangoo isaaniin walqabatan 3 (5%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 7(11.67%) qopheesse. Kanarraa hubachuun kan danda'amu, gaaffileen gama biiroo barnootaa lamaaniin qophaa'an, baay'inni isaanii dhibbeentaa (6.67%) yoo qabaaateyyuu, gama walsimannaa qabiyyeetiin lamaan isaaniituu hammachiisanii waan baasaniif walitti dhiyeenya qaba. Kaanaafuu kaayyoon qorannoo kana walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qopheessan waan ta'eef, gama qabiyyeen yoo ilaalamu, sakatta'a dookimeentii geggeeffameen hariiroofi walsimannaa qabaachuu isaa miirkanaa'eera.

Jahaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee sirna Gadaa keessatti leenjii sadarkaalee addaa addaatti kennamuun walqabatan 2(3.33%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 2(3.33%) qopheesse. Bu'uuruma kanaan gaaffileen sirna Gadaa keessatti leenjii sadarkaalee addaa addaatti miseensota Gadaa garaa garaaf kennamuun walqabatan guutummaan guutuutti walsimannaa qabiyyeerrayyuu darbanii, baay'inni gaaffilee isaan baasan lakkoofsa garaa garaarra jiraatus, walqixa ta'uu isaa sakatta'a dookumentii geggeefameen walsimannaa qabaachuun isaa adda baafameera.

Torboffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee kunuunsa daa'immaniifi maanguddootaan walqabatan 1 (1.67%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 2(3.33%) qopheesse.Bu'uuruma kanaan gama kunuunsa daa'immaniifi maanguddootaaf yeroo garaa garaafi bakka addaa addaatti taasifamu, ilaalchisee gama lamaaniinuu gaaffileen qophaa'an hariiroo waan qabaniif, walsimannaa qabiyyee qaba. Kun immoo kanagarsiisu, qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Brnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2013 qopheessan walsimannaa qabaachuu isaa sakattaa dookimeentii geggeeffameen adda baafamee jira.

Dhumarratti, Biiroon Barnoota Oromiyaa gaaffilee duudhaa, hedannaafi dhaha Oromoon walqabatan kan hin qopheessine, yoo ta'u, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ammoo 6(10%) qopheesse. Kun kan nutti mul'isu gaaffilee duudhaa, hedannaafi dhaha

Oromoon walqabatanii dhiyaatan ilaalchisee, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee gaaffilee 6 yoo qopheesu, Biiroon Barnoota Oromiyaa ammoo tokkoyyuu hin qopheessine. Kun ammo, gama walsimannaa qabiyyeetiin yoo ilaalaman walisannaaa hin agarsiifne.kanaafuu sadarkaa dhumarratti walsimannaan qabiyyee qormaata Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheesse gama qabiyyeen yoo ilaallu, tokko hammachiisee baasee inni biro immoo hammachiisee hin baasne waan ta’eef walsimannaa kan hin qabne ta’uusaa sakattaa dookimeentii taasifameen miirkanaa’eera.

Qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa]fi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootabulchiinsa Magaalaa Finfifnnee qopheessan kanarra akka hubatamutti qabiyyeewwan kitaaba barataa irra jiru hammachiifamee waan dhiyaateef, walsimannaa qabiyeetf xiyyeeffannoon olaanaa kennamusaa mul’isa.

## Gabatee 2. Gaaffilee kallattiin Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kan bara 2013 qophaa’e

| Qabiyyeefi gaaffilee kallattiin wal fakkaatan | Gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman |
|---|---|
| Sirna Gadaanfi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin kan walqabatan | 1, 6, 19 |
| Jilaootaafi ardaalee jilaa sadarkaaa addaa addaatti raawwatamaniin walqabatan | 4, 12, 14, 17, |
| Hojiifi gahee miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaa irra jiraniin walqabatan | 5 |
| leenjiin sadarkaalee addaa addaatti kennamuun kan walqabatan | 11 |
| Ida’ama baay’ina gaaffilee | 9 |

Gabatee armaan olii kanarraa odeeffannoo dhihaate bu’uureffachuun qabiyyeen qormaataa gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa walfakkaaturratti argamaniifi, qabiyyee kitaaba barataa qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon

Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2013 qopheessan walsimmann (firoommii) hammamii akka qaban armaaan gadiitti kaa'ameera.

Jalqabarratti,qabiyyeen jila sadarkaalee addaa addaatti geggeeffamaniifi ardaalee jilaa bakka garaa garaatti argamaniin walqabatee dhiyaate, gaaffilee 4(6.67%) ta'an, gama Biiroo Barnootaa lamaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanarraa kan hubachuun danda'amu, qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2013 qopheessan guutummaan guutuuttis, ta'uu baatu walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taaasifameen adda baafamee jira.

Lammaffaarratti, qabiyyeen sirna Gadaasi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan, gaaaffilee 3(5%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2013 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta'uu baatu walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taasifameen miirkanaa'eera.

Sadaffaarratti, qabiyyeen Gadaa keessatti gahee hojiifi miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaatti argamaniin walqabataniifi leenjii sirna Gadaa keessatti miseensota Gadaa sadarkaa garaa garaarra jiraniif kennamuun walqabatee gaaaffilee 1 (1.67%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2013 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa'e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qaba jechuudha.

Kana malees, hayyuu Hughes ,(1989), akka ibsutti, "Qorumsi tokko fudahatama ykn ga'umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een safaredha." jedha. Akka yaada hayyuu kanatti yoo ilaalamu qormaanni Naannoo xumurra barnoota sadarkaa 1ffaa Gadaa kutaa 8ffaa guutummaan guututtis ta'uu baatu irra caaalaaa walsimannaa qabiyeefi darbee darbee

gaaffilee kallattiin lakkoofsa walfakkaatu irratti gosa wal fakkaatuun dhiyessuun isaaa hariiroo gahaa qabaachuu agarsiisa.

Akkasumas qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa gama Biiroo Barnootaa lamaaniinuu qophaa’ee qorumsaaf dhiyaate yaadrimee kitaaba barataa irra jiru kallattii addaa addaan hammachiiee jira waan ta’eef, cimina gahumsa qabiyyeefi walsimannaa qaba. Yaada kanaan walqabatu hayyuun Hughes, (1989:22) yommuu ibsu, “Qorumsi tokko ga’umsa qabiyyee qaba kan jedhamu yoo qabiyyeen qorumsichaa caasaalee, dandeettiifi kkf afaanii qoramuun barbaadame bakka bu’edha.” Jedha.

## Gabatee 3. Gaaffiee hariiroo Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kan bara 2013 qophaa’e

| Qabiyyeefi gaaffilee kallattiin wal fakkaataniifi lakkoofsa garaa garaa irra jiran kan bara 2013 bahe. | Gaaffilee Qormaata Biiroo Barnoota Oromiyaa baase | Gaaffilee Qormaata Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee baase |
|---|---|---|
| Sirna Gadaanfi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin kan walqabatan | 18, 25, 31, 35, 36, 46 | 16, 20, 13, 32, 34, 49 |
| Jilaootaafi ardaalee jilaa sadarkaaa addaa addaatti raawwatamaniin walqabatan | 10, 23, 26, 27, 30, 33, 34, 41 | 9,26, 28, 25, 29, 31, 33, 18 |
| Hojiifi gahee miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaa irra jiraniin walqabatan | 20, 28 | 21, 23 |
| leenjiin sadarkaalee addaa addaatti kennamuun kan walqabatan | 9 | 8 |
| beekumsa walii galaan dhimma barnootichaan walqabatan | 8, 31, 50 | 7, 60, 42 |
| kunuunsa daa’immaniifi maaguddootaaf taasifamuun wal qabatan | 3 | 2 |
| Ida’ama baay’ina gaaffilee | 21 | 21 |

Gabatee armaan olii kanarraa odeeffannoo dhihaate bu’uureffachuun qabiyyeen qormaataa gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa garaa garaarratti argamaniifi, qabiyyee kitaaba

barataa qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa8[ffaa] Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2013 qopheessan walsimannaa (firoommii) hammamii akka qaban armaaan gadiitti ibsameera.

Jalqabarratti, qabiyyeen jila sadarkaalee addaa addaatti geggeeffamaniifi ardaalee jilaa bakka garaa garaatti argamaniin walqabatee dhiyaate, gaaffilee 8(13.33%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lamaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffameen adda baafameera. kanarraa kan hubachuun danda'amu, qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2013 qopheessan guutummaan guutuuttis, ta'uu baatu akkaataa barbaachisuun walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taaasifameen ifoomee jira.

Lammaffaarratti, qabiyyeen sirna Gadaasi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan, gaaaffilee 6(10%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2013 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta'uu baatu amma tokko,walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taasifameen miirkanaa'eera.

Sadaffaarratti, qabiyyeen dhimma yaadrimee beekumsa waliigalaa barnoota Gadaa keessa jiraniin walqabatan, gaaaffilee 3(5%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] bara 2013 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta'uu baatu amma tokko,walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taasifameen adda baafameera.

Arfaffaarratti, qabiyyeen Gadaa keessatti gahee hojiifi miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaatti argamaniin walqabatee gaaaffilee 2 (3.33%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni Naannoo

barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2013 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa'e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qaba jechuudha.

Dhumarratti, qabiyyeen Gadaa keessatti kunuunsa daa'immaniifi maanguddoota sadarkaa addaa addaatti argamaniif taaasifamuun walqabataniifi leenjii sirna Gadaa keessatti miseensota Gadaa sadarkaa garaa garaarra jiraniif kennamuun walqabatee gaaaffilee 1 (1.67%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2013 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa'e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taasifameen ifoomeera.

Walumaa galatti qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaaBiiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootabulchiinsa Magaalaa Finfifnnee bara 2013 qopheessan, qormaata barnoota Gadaa kan jalqabaati. Haa ta'u malee, qormaanni qophaa'e kun addaa addummaa muraasa qabaatus, walsimannaan qabiyyeefi hariiroo yaadrimee barnootichaan wal qabatan dhiyeessuutiin walsimannaa gaarii qaba. Kanaafuu qormaanni Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnootabulchiinsa Magaalaa Finfifnneetiin qophaa'e kallattii baay'ee inni ittiin walfakkaatu keessaa muraasni: qajeelfama walfakkaataafi sa'aatii walfakkaataa, gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa walfakkaataa irratti argaman, gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa garaa garaa irratti argamaniifi gaaffilee yaaadrimee walfakkaataa qabaatanii yaada garaa garaan dhiyaatan qabatee waan dhiyaateef walsimannaa qabiyyeefi hariiroo qabaachuu isaa qorannoo geggeeffameen miirkanaa'eera.

## Gabatee 4. Walsimannaa Qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 qophaa'e

| Qabiyyeewwan kallattiin walsimataniifi bakka garaa garaa jiran | Bay'ina gaaffilee BBO lakkoofsaan | | Baay'ina gaaffilee BBMF lakkoofaan | |
|---|---|---|---|---|
| | **Baay'ina** | **%dhaan** | **Baay'ina** | **%dhaan** |
| Gaaffilee sirna Gadaanfi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin Walqabatan | 22 | 36.67% | 24 | 40% |
| Gaaaffilee gahee miseensota Gadaan walqabatan | 8 | 13.33% | 7 | 11.67% |
| Gaaffilee jilaootaafi hojiilee sadarkaaa addaa addaatti hojjetamaniin walqabatan | 8 | 13.33% | 11 | 18.33% |
| Gaaffilee kunuunsa daa'immaniifi maaguddootaaf taasifamuun wal qabatan | 2 | 3.33% | 2 | 3.33% |
| Gaaffilee beekumsa walii galaan dhimma barnootichaan walqabatan | 13 | 21.67% | 9 | 15% |
| Gaaffilee dhahaafi hedannaan walqabatan | 3 | 5% | 3 | 5% |
| Gaaffilee leenjiin kennamuun walqabatan | 2 | 3.33% | 2 | 3.33% |
| Gaaffilee Faajjii Abbaa Gadaan walqabatan | 2 | 3.33% | 2 | 3.33% |
| **Ida'ama** baay'ina gaaffilee | 60 | 100% | 60 | 100% |

Gabatee kanaa olirraa akka hubatamutti, walsimannaan qabiyyee qormaata barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Brnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2014 qopheessan qabiyyeewwan addaa addaaf xiyyeeffannoon laatameera. Bu'uurumaa kanaan gabatee armaan oliirraa heeddummina gaaffilee walsimannaafi hariiroo qabanii bu'uura godhachuun walduraa duubaan xiyyeeffannoon olaanaa kennameef keessaa:

Jalqaba irratti gaaffilee sirnaGadaafi gulaantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan Biiroon Barnoota Oromiyaa 22(36.67%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa

Finfinnee 24(40%) qopheesse. Kana jechuun, gaaffileeen armaan olitti ibsaman kunneen bakka (lakkoofsa) garaa garaa irratti haa argaman malee, yaadrimeen isaan dhimma sirna Gadaafi gulantaalee gadaa keessa jiran ittiin gaafatan gama qabiyyeetiin walsimannaa kan qaban ta'uu isaa qaaccessi sakkatta'a dookimentiin geggeeffameen ifoomee jira.

Lammaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee beekumsa walii galaa dhimma barnoota Gadaan walqabatan 13 (21.67%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 9(15%) qopheesse. Kanarraa kan hubatamu, gaaffileen gama biiroo lamaaniin qaphaa'an baay'inaan walgituu yoo baatanis, gama walsimannaa qabiyyeetiin hariiroo waan qabaniif, qormaanni bara 2014 gama lachaniinuu qophaa'e, walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa sakattaa dookimeentiifi walitti dhufeenya qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8[ffaa] waliin qabu taasifameen miirkanaa'eera

Sadaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee jiloota sadarkaalee garaa garaatti geggeefamaniifi ardaalee jilaan walqabatan 8(13.33%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 11(18.33%) qopheesse. Kun kan nutti agarsiisu, gaaffileen gama lamaaniin dhimma qabiyyee jiloota geggeeffamaniifi ardaalee jilaa addaa addaan wal qabatanis gama walsimannaa qabiyyeefi qormaata biyyaalessaan qabu yoo ilaallu baay'ee walitti dhiyeenya waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa sakatta'a dookimeentii geggeeffameen qqcceffameera.

Arfaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee gahee miseensota Gadaafi aangoo isaaniin walqabatan 8(13.33%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee 7(11.67%) qopheesse. Kanarraa hubachuun kan danda'amu, gaaffileen gama biiroo barnootaa lamaaniin qophaa'an, baay'inni isaanii dhibbeentaa (1.66%) yoo qabaaateyyuu, gama walsimannaa qabiyyeetiin lamaan isaaniituu hammachiisanii waan baasaniif walitti dhiyeenya qaba. Kaanaafuu kaayyoon qorannoo kana walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qopheessan waan ta'eef, gama qabiyyeenyoo ilaalamu, sakatta'a dookimeentii geggeeffameen hariiroofi walsimannaa qabaachuu isaa miirkanaa'eera

Shanaffaa irratti, Biiroon Barnoota Oromiyaa gaaffilee duudhaa, hedannaafi dhaha Oromoon walqabatan 3(5%) kan qopheesse yoo ta'u, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnees,

3(5%) qopheesse. Kun kan nutti mul'isu gaaffilee duudhaa, hedannaafi dhaha Oromoon walqabatanii dhiyaatan ilaalchisee, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee gaaffilee 3 yoo qopheesu, Biiroon Barnoota Oromiyaas, akkasuma gaaffilee 3 qopheesse. Kun ammoo, gama walsimannaa qabiyyeetiin yoo ilaalaman baay'inni gaaffilee isaanbaasan walqixa waan ta'eef, akkaataa barbaachisaa ta'een walisannaaa agarsiisaniiru .kanaafuu sadarkaashanaffaa irratti dhumarratti walsimannaan qabiyyee qormaata Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheesse gama qabiyyeen yoo ilaallu, wal qixa wan hammachiisee baaseef, walsimannaa hariiroo walfakkaataa kan qabu ta'uusaa sakattaa dookimeentii taasifameen miirkanaa'eera.

Jahaffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee sirna Gadaa keessatti leenjii sadarkaalee addaa addaatti kennamuun walqabatan 2(3.33%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnees, 2(3.33%) qopheesse. Bu'uuruma kanaan gaaffileen sirna Gadaa keessatti leenjii sadarkaalee addaa addaatti miseensota Gadaa garaa garaaf kennamuun walqabatan guutummaan guutuutti walsimannaa qabiyyeerrayyuu darbanii, baay'inni gaaffilee isaan baasan lakkoofsa garaa garaarra jiraatus, walqixa ta'uu isaa sakatta'a dookumentii geggeefameen walsimannaa qabaachuun isaa adda baafameera.

Torboffaa irratti, Biiroon Brnoota Oromiyaa gaaffilee kunuunsa daa'immaniifi maanguddootaan walqabatan 2(3.33%) yoo qopheessu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnees, 2(3.33%) qopheesse. Bu'uuruma kanaan gama kunuunsa daa'immaniifi maanguddootaaf yeroo garaa garaafi bakka addaa addaatti taasifamu, ilaalchisee gama lamaaniinuu gaaffileen qophaa'an hariiroo walfakkaataafi gaaffilee wal qixa waan qabaniif, walsimannaa qabiyyee qaba. Kun immoo kanagarsiisu, qormaanni Naannoo kutaa 8[ffaa] Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2014 qopheessan walsimannaa qabaachuu isaa sakattaa dookimeentii geggeeffameen adda baafamee jira.

Dhumarratti, Biiroon Barnoota Oromiyaa gaaffilee Faajjii Abbaa Gadaan walqabatan 2(3.33%) kan qopheesse yoo ta'u, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnees, 2(3.3%) qopheesse. Kun kan nutti mul'isu gaaffilee Faajjii Abbaa Gadaan walqabatanii dhiyaatan ilaalchisee, Biiroon Barnoota Oromiyaa gaaffilee 2 yoo qopheesu, Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnees, akkasuma gaaffilee 2 qopheesse. Kun ammoo, gama walsimannaa qabiyyeetiin yoo ilaalaman baay'inni gaaffilee isaan baasan walqixa waan ta'eef, akkaataa barbaachisaa ta'een

walisannaaa agarsiisaniiru. kanaafuu dhumarratti walsimannaan qabiyyee qormaata Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheesse gama qabiyyeen yoo ilaallu, wal qixa wan hammachiisee baaseef, walsimannaa hariiroo walfakkaataa kan qabu ta'uusaa sakattaa dookimeentii taasifameen miirkanaa'eera.

Qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaafi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootabulchiinsa Magaalaa Finfifnnee qopheessan kanarra akka hubatamutti qabiyyeewwan kitaaba barataa irra jiru hammachiifamee waan dhiyaateef, walsimannaa qabiyeetiif xiyyeeffannoon olaanaa kennamusaa mul'isa.

## Gabatee 5. Gaaffilee kallattiin Qabiyyee qormaata walfakkaatu qaban kan bara 2014 qophaa'e

| **Qabiyyeefi gaaffilee kallattiin wal fakkaatan** | **Gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman** |
|---|---|
| Sirna Gadaanfi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin kan walqabatan | 7, 9, 15, 16, 17, 22, 23, 31, 42, 48, 50, 51, 57, 58, 59, 60 |
| Jilaootaafi ardaalee jilaa sadarkaaa addaa addaatti raawwatamaniin walqabatan | 12, 27, 32, 38, 43 |
| Hojiifi gahee miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaa irra jiraniin walqabatan | 10, 24, 33, 34, 37, 52 |
| leenjiin sadarkaalee addaa addaatti kennamuun kan walqabatan | 35, 36 |
| beekumsa walii galaan dhimma barnootichaan walqabatan | 8, 11, 49 |
| Gaaffilee dhahaafi hedannaan walqabatan | 53, 55, 56 |
| Gaaffilee Faajjii Abbaa Gadaan walqabatan | 1, 2 |
| **Ida'ama baay'ina gaaffilee** | 37 |

Gabatee armaan olii kanarraa odeeffannoo dhihaate bu'uureffachuun qabiyyeen qormaataa gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa garaa garaarratti argamaniifi, qabiyyee kitaaba

barataa qormaata naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2014 qopheessan walsimannaa (firoommii ) hammamii akka qaban armaaan gadiitti kaa’ameera.

Jalqabarratt qabiyyeen sirna Gadaasi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan, gaaaffilee 17(28.33%) ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2014 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta’uu baatu amma tokko,walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taasifameen miirkanaa’eera.

Lammaffaarratti, qabiyyeen Gadaa keessatti gahee hojiifi miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaatti argamaniin walqabatee gaaaffilee 6 (10%) ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa’e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qaba jechuudha

Sadaffaarratti, qabiyyeen jila sadarkaalee addaa addaatti geggeeffamaniifi ardaalee jilaa bakka garaa garaatti argamaniin walqabatee dhiyaate, gaaffilee 5(8.33%) ta’an gama Biiroo Barnootaa lamaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffameen adda baafameera. kanarraa kan hubachuun danda’amu, qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2013 qopheessan guutummaan guutuuttis, ta’uu baatu akkaataa barbaachisuun walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taaasifameen ifoomee jira.

Arfaffaarratti, qabiyyeen dhimma yaadrimee beekumsa waliigalaa barnoota Gadaa keessa jiraniin walqabataniifi duudhaa, hedannaafi dhaha Oromoon walqabatan gaaaffilee 3(5%) ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2014 Biiroon

Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta’uu baatu amma tokko,walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taasifameen adda baafameera.

Dhumarratti, qabiyyeen Faajjii Abbaa Gadaan kan walqabataniifi leenjii sirna Gadaa keessatti miseensota Gadaa sadarkaa garaa garaarra jiraniif kennamuun walqabatee gaaaffilee 2 (3.33%) ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2014 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa’e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taasifameen ifoomeera.

## Gabatee 6. Gaaffiee hariiroo Qabiyyee qormaatawalfakkaatu qaban kan bara 2013 qophaa’e

| **Qabiyyeefi gaaffilee kallattiin wal fakkaataniifi lakkoofsa garaa garaa irra jiran kan bara 2013 bahe.** | **Gaaffilee Qormaata Biiroo Barnoota Oromiyaa baase** | **Gaaffilee Qormaata Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee baase** |
|---|---|---|
| Sirna Gadaanfi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin kan walqabatan | 13, 19, 20, 45 | 14, 20, 19, 46 |
| Jilaootaafi ardaalee jilaa sadarkaaa addaa addaatti raawwatamaniin walqabatan | 5, 25, 44 | 6, 26, 45 |
| Hojiifi gahee miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaa irra jiraniin walqabatan | 6, 16 | 5, 18 |
| beekumsa walii galaan dhimma barnootichaan walqabatan | 18, 40 | 21, 41 |
| kunuunsa daa’immaniifi maaguddootaaf taasifamuun wal qabatan | 29, 30 | 30,28 |
| Ida’ama baay’ina gaaffilee | 13 | 13 |

Gabatee armaan olii kanarraa odeeffannoo dhihaate bu’uureffachuun qabiyyeen qormaataa gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa garaa garaarratti argamaniifi, qabiyyee kitaaba barataa qormaata naannoo barnoota Gadaa kutaa8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2014 qopheessan walsimannaa (firoommii) hammamii akka qaban  armaaan gadiitti ibsameera.

Jalqabarratti, qabiyyeen sirna Gadaasi gulantaalee Gadaa keessa jiraniin walqabatan, gaaaffilee 4(6.67%)   ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta’uu baatu  amma tokko,walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taasifameen miirkanaa’eera

Lammaffaarratti, qabiyyeen jila sadarkaalee addaa addaatti geggeeffamaniifi ardaalee jilaa bakka garaa garaatti argamaniin walqabatee dhiyaate, gaaffilee 3(5%) ta’an  gama Biiroo Barnootaa lamaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffameen adda baafameera. kanarraa kan hubachuun danda’amu, qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee bara 2014 qopheessan guutummaan guutuuttis, ta’uu baatu akkaataa barbaachisuun walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taaasifameen ifoomee jira.

Sadaffaarratti, qabiyyeen  dhimma yaadrimee beekumsa waliigalaa barnoota Gadaa keessa jiraniin walqabatan, gaaaffilee 2(3.33%)  ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera.kanaafuu qormaanni barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara2014 Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaaa Finfinnee qopheessan guutummaan guutuuttis, ta’uu baatu  amma tokko,walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaaqaaccessa taasifameen adda baafameera.

Arfaffaarratti, qabiyyeen Gadaa keessatti gahee hojiifi miseensota Gadaa sadarkaa addaa addaatti argamaniin walqabatee gaaaffilee 2 (3.33%) ta’an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee

walfakkaatoofi lakkoofsa garaa garaa irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa'e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qaba jechuudha.

Dhumarratti, qabiyyeen Gadaa keessatti kunuunsa daa'immaniifi maanguddoota sadarkaa addaa addaatti argamaniif taaasifamuun walqabatee gaaaffilee 2 (3.33%) ta'an gama Biiroo Barnootaa lanaaniinuu gaaffilee walfakkaatoofi lakkoofsa walfakkaatu irratti argaman dhiyeessanii jiraachuu isaanii qaacceessi waraqaa qormaataa gama lamaanii geggeeffame ifoomseera. kanaafuu qormaanni naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 gama Biiroo Barnootaa lamaaniin qophaa'e hariiroo waan qabuuf walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaa qaaccessa taasifameen ifoomeera.

Walumaa galatti qormaanni naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnootabulchiinsa Magaalaa Finfifnnee bara 2014 qopheessan, qormaata barnoota Gadaa kan jalqabaati. Haa ta'u malee, qormaanni qophaa'e kun addaa addummaa muraasa qabaatus, walsimannaan qabiyyeefi hariiroo yaadrimee barnootichaan wal qabatan dhiyeessuutiin walsimannaa gaarii qaba. Kanaafuu qormaanni Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnootabulchiinsa Magaalaa Finfifnneetiin qophaa'e kallattii baay'ee inni ittiin walfakkaatu keessaa muraasni: qajeelfama walfakkaataafi sa'aatii walfakkaataa, gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa walfakkaataa irratti argaman, gaaffilee kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa garaa garaa irratti argamaniifi gaaffilee yaaadrimee walfakkaataa qabaatanii yaada garaa garaan dhiyaatan qabatee waan dhiyaateef walsimannaa qabiyyeefi hariiroo qabaachuu isaa qorannoo geggeeffameen miirkanaa'eera.

## 4.3. Qaaccessa Ragaalee Dookimantiirraa Argaman

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa walsimannaa qabiyyee qormaata naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin qophaa'ani qaaccessuun adda baasuudha. Kanaaf Kitaaba barataa madda ragaa keessaa tokko taasifatee walitti dhufeenya isaan qabaniifi walsimannaa qormaata bakka lamaanii akkaataa salphaa fi mijataan qaaccesseera.

### 4.3.1. Xiinxala Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2013

Qormaanni sadarkaa naannootti kennnamu madda ragaa yoo ta'u, qorannoon kunis xiyyeeffanoon isaa walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa'eefi qabiyyee kitaaba barataabarnoota Gadaa kutaa 8ffaa gidduu jiru wal simachuu isaa sakatta'ameera. Qabiyyeewwan qormaata Naannoon dhihaatan dandeettiiwwan beekumsa walii galaa barnoota Gadaaa, sirna Gadaa, sadarkaalee Gadaa, caasaaleefi miseensota Gadaa, kunuunsaafi leenjiilee sadarkaa addaa addaattii taasifsmuufi sirna Gadaa keessatti gahee miseensots Gadaaaf sadarkaa barbaadamutti kennamu xiyyeeffatee waan dhiyaateef haala gaariin qophaa'eera.

Akkasumas, dameewwan beekumsaa barnoota Gadaa kan ta'an, kanneen akka umurii sadarkaalee gadaaa, dhahaafi hedannaa Oromoo, federeeshinii sirna bulchiinsa Gadaa sadarkaalee garaa garaatti qoodaman, meeshaalee ulfoo addaa addaafi odaalee shaman eessatti akka argaman irratti xiyyeeffata, Akka qorannoo kanatti gaaffileen qormaata bara 2013 qophaa'e irratti kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa wal fakkaataa irratti argaman kanneen armaan gadiiti.

Gaaffii 1ffaa, sirna Gadaa keessatti gulantaan inni jalqabaa maal jedhamee waamama?

A. Dabballee B. Doorii C. Kuusa D. Raaba

Gaaffii 4ffaa, Jila maqbaasaa ilaalchisee dhugaa kan ta'e kami?

A. Lakkoofsota bifa oduu duriitiin ni barsiifamu
B. Waa'ee maatiifi olla bifa hiibbootiin ni barsiifamu
C. Naamuusa gaariidhaan akka guddataniif rukkuttaafi inaaffaatiin guddifamu
D. Waa'ee naamusaa bifa tapha addaa addaatiin ni barsiifamu

Gaaffii 5ffaa, kanneen armaan gadii keessaa gahee ojii gaammee xixiqqaa kan ta'e isa kami?

A. Nageenya naannoo eeguu
B. Jabbilee tiksuu
C. Oyiruu qotuu
D. Foora godaanuu

Gaaffii 6ffaa, Gulantaan umurii Gaammee xixiqqaan keessatti argamu isa kami?

A. 17-24 B. 25-32 C. 0-8 D. 9-16

Gaaffii 11 ffaa, kanneen armaan gadii keessaa tokko leenjii kuusaaf kennamu miti.

A. Leeenjii aadaafi duudhaa uummataa
B. Leenjii seerota qabeenyaa uummataa
C. leenjii heeraafi seera bulchiinsa Gadaa
D. leenjii itti fayyadama meeshaa waraanaa

Armaan olitti gaaffiileen dhihaatan qabiyyee kitaaba baratAa barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ keessatti kallattiin kan hammatamanidha. Barataan tokko kan madaalamuu qabu qabiyyee barateen ‘jecha sirriitti qubeeffameefi sadarkaa tokkoffaa keessatti gosa barnoota sanaan hammatamee dhihaate ta’uu qaba.

Firoommii (assimilation)fi walsimannaan qabiyyee ammo, kutaa sadarkaa kamittuu kan laatamudha. Kun kan agarsiisu qabiyyeen qormaata biyyaalessaa barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ bara 2013 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa’ee firoommii fi gaaffileen kunneen gama Biiroo barnootaa lamaaniinuu lakkoofsa walfakkaataa fi yaadrimee walfakkaataa qabaachuun isaanii walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaanii agarsiisa.

### 4.3.2. Xiinxala Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ bara 2014

Qormaanni sadarkaa naannootti kennamu madda ragaa yoo ta’u, qorannoon kunis xiyyeeffanoon isaa walsimannaa qabiyyee qormaata naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa’eefi qabiyyee kitaaba baratAa barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ gidduu jiru wal simachuu isaa sakatta’ameera. Qormaata Naannoon qabiyyeewwan dhihaatan dandeettiiwwan beekumsa walii galaa barnoota Gadaaa, sirna Gadaa, sadarkaalee Gadaa, caasaaleefi miseensota Gadaa, kunuunsaafi leenjiilee sadarkaa addaa addaattii taasifsmuufi sirna Gadaa keessatti gahee miseensots Gadaaaf sadarkaa barbaadamutti kennamu xiyyeeffatee waan dhiyaateef haala gaariin qophaa’eera.

Akkasumas, dameewwan beekumsaa barnoota Gadaa kan ta’an, kanneen akka umurii sadarkaalee gadaaa, dhahaafi hedannaa Oromoo,federeeshinii sirna bulchiinsa Gadaa sadarkaalee garaa garaatti qoodaman, meeshaalee ulfoo addaa addaafi odaalee shaman eessatti akkaargaman irratti xiyyeeffata, Akka qorannoo kanatti gaaffileen qormaata bara 2014 qophaa’e irratti kallattiin walfakkaataniifi lakkoofsa wal fakkaataa irratti argaman kanneen armaan gadiiti.

Gaaffii $1^{ffaa}$, halluuwwan Faajjii Abbaa Gadaa keessaa halluun bilchina, gahumsa, hormaataafi jiruufi jireenya agarsiisu isa kami?

A. Halluu Gurraacha B. Halluu Diimaa C. Halluu Adii D. Halluu Magariisa

Gaaffii $2^{ffaa}$, Faajjii Abbaa Gadaa ilaalchisee d**hugaa** kan ta’e kami?

A. Mallattoo saba Oromoo ta'uun tajaajila
B. Alaabaa Naannoo Oromiyaa ta'uun tajaajila
C. Duudhaafi falaasama sabssfi sab-lammootaa agarsiisa
D. Mallattoo ol'aantummaa saba Oromoo agarsiisa

Gaaffii 10^ffaa^, gahee Abbaa Gadaa ilaalchisee sirrii kan hin taane isa kami?

A. Gumii waggaa saddeet saddeetiin ta'u irratti seera haaraa baasuu
B. Seera hojiirra oolchuufi akka hojiirra oolaa jiru hordofuu
C. Nageenya hawaasaa eegsisuufi tiksuu
D. Qabeenyaa uumamaa bulchuufi eeguun gahee isaa miti

Gaaffii 15^ffaa^, jaarmiyaan dubartoonni mirga isaanii ittiin kabachiifatan maal jedhama?

A. Qarree B. Siinqee C. Gumaa D. Caaccuu

Gaaffii 22^ffaa^, Gulantaa Gadomaa irratti qubsamni Aduloonni, Hayyoonni, Abbaan Bokkuufi Makkaloonni ardaalee jilaa irra walfaana qubatan maal jedhama?

A. Ardaa jilaa B. Faajjii Gadaa C. Yaa'a Gadaa D. Gumaata Gadaa

Gaaffii 24^ffaa^, kanneen armaan gadii keessa gahee yaa'a Gadaa kan hin taane kami?

A. Nageenya biyyaa eeguufi miirkaneessuu
B. Dhimmoota qabeenyaa to'achuu
C. Gumii qajeelchuufi hoogganuu
D. Gosaafi miiloo isaaniif faayidaa addaa kennuu

Gaaffii 27^ffaa^, ardaalee jilaa kunuunsuu ilaalchisee gahee hawaasaa kan ta'e isa kami?

A. Bifaa aadaafi safuu bakkichaa eeggateen misoomsuufi beeksisuu
B. Warshaaleen addaa addaa akka irratti ijaaraman taasissuu
C. Biqiloota irratti dhaabamanii jiran irraa ciruun lafa qonnaaf oolchuu
D. Qabeenya uummataa waan ta'aniif itti dalleessuun hin barbaachisu

Gaaffii 31^ffaa^, akka sirna Gadaatti daa'imman abbaan isaanii osoo hin duroomiin dhalatan maal jedhamanii waamamu?

A. Dabballlee B. Guduruu C. Gaammee Xixiqqaa D. Gaammee Gurguddaa

Gaaffii 32ffaa, Jilli maq-baasaa:

A. Ce’umsa Gaammee Xixiqqaa irraa gara Gaammee Gurguddaatti jilatama
B. Ce’umsa Raaba irraa gara Dooriitti jilatama
C. Ce’umsa dabballee irraa gara Gaammee gurguddaatti jilatama
D. Ce’umsa Dabballee irraa gaea Gaammee Xixiqqaatti jilatama

Gaaffii 36ffaa, kanneen armaan gadii keessaa leenjiin kuusaaf kennamu isa kami?

A. Leenjii bishaan daakuu
B. Leenjii darbannaa eeboo
C. Leenjii yaabbannaa mukaafi utaalchoo
D. Leenjii heeraafi seera bulchiinsa Gadaa

Gaaffii 52ffaa, akka sirna Gadaattii gaheen Raaba irraa eegamu isa kami?

A. Biyya bulchuuf foora godaanuu
B. Jabbilee tiksuufi maatiif ergamuu
C. gaagura kanniisaa fannisuun damma oomishuu
D. jiloota addaa addaa geggeessuu

Gaaffii 60ffaa, sirna bulchiinsa Gadaa keessatti qaamni seera tumee labsu isa kami?

A. Gumii B. Aduloota C. Yuuba D. Dhallana

Armaan armaan olitti gaaffileen dhihaatan qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa keessatti kallattiin kan hammatamanidha. Barataan tokko kan madaalamuu qabu qabiyyee barateen ‘jecha sirriitti qubeeffameefi sadarkaa tokkoffaa keessatti gosa barnoota sanaan hammatamee dhihaate ta’uu qaba.

Firoommii (assimilation)fi walsimannaan qabiyyee ammoo kutaa sadarkaa kamittuu kan kennamudha. Kun kan agarsiisu qabiyyeen qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2014 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa’ee firoommii fi gaaffileen kunneen gama Biiroo barnootaa lamaaniinuu lakkoofsa walfakkaataa fi yaadrimee walfakkaataa qabaachuun isaanii walsimannaa qabiyyee qabaachuu isaanii agarsiisa.

Yaada kanaan wal qabatu, hayyuun Bachman, (1990), akka ibsetti, “qormaanni tokko ga’umsa qabiyyee kan qabaatu qabiyyeewwan barsiifaman haala xiyyeeffannoo kitaaba keessatti qabaniin kan bakka bu’u akkasumas, walitti dhufeenya (hariiroon) kallattii qaban yoo ta’edha.” jedha.

Kana malees, qabiyyee kitaaba barataa keessa jiran qormaata Naannnoo keessatti kan hammatamaniifi qormaata kana keessatti qabiyyee hunda hammachisuun rakkisaa ta'uus, hamma danda'ametti akkaataa walgitaa ta'een dhihaachuun bareedaadha.

Keessumattuu qormaata Naannoo haala qophii isaa ilaalchisee hanna salphisuuf kan duraanii caalaa barsiisota sadarkaaa 2^ffaa irra jiran keessaa filamaniifi gaaffileen kallattiin wal fakkaatan harki caalaan isaanii filannoo garaa garaarratti argamuun qoramuun isaa qulqullinaa barnootaa eegsisuufi barattoota ciccimoofi ofitti amanamummaa qaban gara barnoota sadarkaa 2^ffaa tti dabarsuuf mala filatamaadha.

## 4.4. Qaaccessa AFgaaffii Barattootaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf Afgaaffii barattootaaf qopheessuun odeeffannoon argame akka armaan gaditti qaaccefamee bifa gabateen dhiyaateera.

### Gabatee 7: Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kuta 8^ffaa afgaaffii barattootaarraa argame.

| Lakk. | Gaaffilee afgaaffii | Baay'ee gaarii | | Gaarii | | Gad aanaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baayina | % |
| 1. | Walsimannaan qabiyyeen kitaaba barataafi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa kan bara 2013 dhiyaate gidduu jiru maal fakkaataa? | 26 | 44.8 | 31 | 59.6 | 4 | 66.7 |
| 2 | Qabiyyeen kitaaba barataafi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa kan bara 2014 dhiyaate gidduu jiru walgitaa? | 32 | 55.2 | 21 | 40.4 | 2 | 33.3 |
| **Ida'ama** | | **58** | **100** | **52** | **100** | **6** | **100** |

Gabatee kanarraa akka hubatamutti, gaaffii 1^ffaa, walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa fi qormaata naannoo barnoota Gadaa kan bara 2013 dhiyaate gidduu jiru maal fakkaataa? kan jedhuuf hariiroon qabiyyee kitaaba barataa kutaa 8^ffaa fi qabiyyee qormaata naannoo kan bara 2013 baay'ee gaarii jedhanii kan deebisan, 26(38.4%) yoo ta'an; gaarii jedhanii kan deebisan 30 (42.5%), gadaanaa jedhanii kan deebisan ammoo 4(8.16%) dha.

Akkasumas, gaaffii 2ffaa, walsimannaa Qabiyyee kitaaba baratаa barnoota Gadaa kutaa 8ffaafi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kan bara 2014 dhiyaate gidduu jiru maal fakkaataa? kan jedhuuf walitti dhufeenyi qabiyyee kitaaba baratаa kutaa 8ffaafi qabiyyee qormaata naannoo kan bara 2013 baay'ee gaarii jedhanii kan deebisan, 32(49.2%) yoo ta'an; gaarii jedhanii kan deebisan 21(32.3%), gadaanaa jedhanii kan deebisan ammoo 2(4..8%) dha.

Kanarraa kan hubatamu walsimannaan qabiyyee kitaaba baratаafi qabiyyee qormaata naannoo gidduu jiru gaarii ta'uusaa kan mul'isudha. Kanaa ol walitti dhufeenyi qabiyyee kitaabaafi qormaataa wal gitiinsa cimaa qabaachuun barbaachisaadha. Kanafuu qabiyyee kitaaba baratаa keessatti kan dhihaate qabiyyee qormaata naannoo waliin walsimsiisuun itti gargaaramuun barbaachisaadha.

## 4.5. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisota Irraa Argame

Qormaataa qopheessuu keessatti barsiisonni hirmaachuun barbaachisaadha. Qabiyyeen qormaataa dhihaatuufi qabiyyee kitaaba baratаa walsimsiisuun qopheessuu waan ta'eef. Barsiisaan sadarkaa barattootaafi qabiyyee qormaataa sirriitti adda baasuun kan qopheessudha. Akkaataa baruufi barsiisuu keessatti irra caalaa barattootaatti kan dhihaatu barsiisaa waan ta'eef odeeffannoo isaan walsimannaafi hariiroo qabiyyee kitaaba baratаa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa'an qabiyyee qormaata biyyaalessaa wajjin qaban ilaalchisee akka kana gadiin dhihaateera.

1. Qabiyyeen kitaaba baratаa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa keessatti dhihaate qormaata naaannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa wajjin hariiroofi walsimannaan qabu maal fakkaata isa jedhuuf, akka barsiisonni barnoota Gadaa barsiisan jedhanitti qabiyyeen qormaanni naannoo kitaaba baratаa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa wajjin qabu walsimannaa qabiyyeefi hariiroo gaarii ni qaba.
2. Walsimannaan qabiyyee kitaaba baratаa barnoota Gadaa kutaa 8ffaafi qormaata sadarkaa naannootti barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa'an kitaaba baratаa keessa osoo hin jiraatiin qormaata naannoo kutaa 8ffaa keessaa bahe jiraa isaa jedhuuf, qormaata biyyaalessaa gama biiroo barnootaa lamaaniin dhiyaate, keessa darbee darbee jiraatus

dhimmumma aadaa,duudhaafi safuu Oromoo waliin wal qabatan wal qabatan waan taeef, walsimannaa qabiyyeefi hariiroo gaarii qabaachuu isaa odeeffannoo kennaniiru.

3. Qormaanni naannnoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa fi kitaabni barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa kan bara 2013 irra caalaan isaa maal of keessatti hammata kan jedhuuf akka odeef-kennitonni yaada isaanii ibsanitti qormaanni sadarkaa naannootti kennnamu irra caalaan isaa qabiyyee sirna Gadaafi gulantaalee Gadaa keessa jiran bu'uura godhachuun kan qophaa'edha. Walduraa duubaan yeroo kaa'aamu, sirna Gadaa, jilootaafi ardaalee jilaa sadarkaa addaa addaatti geggeefaman, beekumsa dhimma barnoota Gadaan walqabataniifi duudhaafi hedannoo Oromoon qaburratti xiyyeeffachuun kan qophaa'edha.

4. Qormaanni naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa'an, qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa iraatti argaman kan bu'uureffatedhaa? jedhuuf akka yaada barsiisotatti, qormaanni naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa baay'een isaanii qabiyyee kitaaba barataa kutaa 8ffaa kan xiyyeeffatanidha. Qabiyyeen qormaaticha haala qabiyyee kitaaba barataatiin wal maadalee kan qophaa'e, waan ta'eef, walsimannaa qabiyyaafi hariiroo of keessaa qaba.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Ragaaleen kitaaba barataa barnoota Gadaafi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa kan bara 2013fi 2014 boqonnaa afur keessatti qaacceeffamaniiru. Kana malees, yaada dabalataa argaachuuf bargaaffiifi afgaaffiin barattootaafi batsiisotaaf dhiyaatan qaacceffamaniiru. Akkasumas, cuunfaa, argannoofi bu'aa argannoo qorannichaa irratti hundaa'uun boqonnaa kana keessatti ammoo, qaama dhimmi ilaaluuf yaada furmaataa waliin dhihaateera.

## 5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Boqonnaa tokko keessatti Kaayyoon gooroo qorannoo akkuma ibsame, walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiins Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qophaa'e sakatta'uudha. qabiyyee kitaaba barataafi qormaanni Nannoo waliin firoommiifi walsimannaa akka isaan qaban sakatta'uu, qormaataNaannoo keessatti qabiyyeen barnootaa hammataman kallattiidhaan kitaaba barataa waliin yoo wal madaalchisamu, walsimannaa qabaachuufi qabaaachuu dhabuu isaanii ibsuu, qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa alatti gaaffiiwwan qormaata Naannoo kutaa 8ffaa keessaa bahan jiran moo hinjiran? Kan jedhu himuufii qabiyyeen kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa, qormaata biiroon barnootaa lamaan qopheessan waliin hariiroofi firoommii isaan qaban adda baasuun agarsiisuu kan jedhu qabiyyeewwan gooree keessatti hammatanii jiru.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kaaseef deebii kennuu waan barbaadeef. Isnnis, Qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa keessatti dhihaatan qabiyyeewwan qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa kan bara 2013fi 2014 wajjin hariiroofi walsimannaa isaan qaban maal fakkaata?, Qabiyyeen baratamanii qormaataawwan sana keessatti hin hammatamne jiru?, Qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa ala bahan isaan kami? Qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhihaataniifi dareetti barataman qormaata Naannoo waliin firoomiifi walsimannaa qabu? Kan jedhuufi akka walii galaatti qormaanni Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota Bulchiins Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 qopheessan hariiroo gaariifi walsimannaa qabiyyee qabuu kan jedhu ture.

Qorataan, Meeshaalee funaansa ragaatiif kan dhimma itti ba'e dookimantii qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2013fi 2014, Biiroon Barnoota Oromiyaafi Biiroon Barnoota

Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qopheessaniifi kitaaba baratаа barnoota Gadaa kuta 8ffaa fayyaadamuun odeeffannoo barbaachisoo ta’an walitti qabatee jira. Dabalataanis, odeeffannoo ragaalee kan cimsan bar-gaaffii barattootaafi af-gaaffii barsiisotaa qopheessuun itti gargaarameera. Ragaawwanmaddoota garaa garaa irraa argaman kanneen qaacceessuuf, tooftaa qorannoo (hammamtaafi akkamtaa) makaatti fayyadameera.

Tooftaalee iddatteessuu keessaa tooftaa iddatteessuu miti-carraa gargaaramuun, miti- carraa keessaa ammoo, tooftaa iddatteessuu akkaayyootti fayyadameera. Madda ragaalee irraa odeeffannoon argame gabateewwan keessatti erga teessifameenbooda Dhibbeentaafilakkoofsaan ibsameera.

Bu’uuruma kanaan, walsimannaa qabiyyeewwan qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiins Magaalaa Finfinneetiin qophaa’eefi kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa wajjin firoommiifi hariiroo isaan qaban ilaalchisee bu’aan qorannoo akka kanaa gaditti tarreessuun ni danda’ama.

- Qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaa ilaalchisee odeeffannoon argame sakatta’ameera. Kunis: walsimannaa qabiyyee keessaa xiyyeeffannoo olanaa kan argate sirna Gadaafi gulantaalee Gadaa keessa jiran yommuu ta’u; innis qabiyyeewwan barnoota Gadaa dhihaatan keessaa xiyyeeffannoo olaanaa kan argate ta’uu qaacceffameera. Kunis qabiyyeewwan dhimma barnoota Gadaa keessaa dhiheenyaan bal’aa ta’uu mul’isa. Damee beekumsaa walii galaa dhimma barnoota Gadaa keessaa ammoo qabiyyeewwan garaa garaa bal’ina qabaachuun isaa qaacceffameera.

- Qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa 2013fi 2014 ilaalchisee odeeffannoon ragaaleen irraa argame sakatta’ameera. Kunis, qabiyyeen damee beekumsaa xiyyeeffannoo olaanaa kan kennameef keessaa sirna Gadaafi gulantaalee Gadaa yoo ta’u; gaaffilee waliigala 60 dhihaatan keessaa 24(40%) tu’uu bira gahameera.

- Qabiyyeen qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa bara 2013fi 2014 ilaalchisee, odeeffannoo ragaalee qormaata irraa argame qaacceeffame jira. Dameen beekumsaa xiyyeeffannoo olaanaa kan argate barnoota Gadaa keessaa irra caalaan sirna Gadaafii

gulantaalee Gadaa keessa jiraniifi jilootaafi ardaalee jilaasadarkaa addaa addaatti geggeefamaniifi bakka addaa addaatti argaman yommuu ta'u; gaaffilee jaatama dhihaatan keessaa 11 (18.33%) kan aguuge ta'uu hubanna.

Yaadni dabalataa odeeffannoo afgaaffiifi bargaaffii irraa argame:

- Guutuummaa guuttuutti hariiroon walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa^fi qormaata Naannoo gidduu jiru walitti dhufeenya kan qabu osoo hin ta'iin, harki caalaan walsimannaa qabaachuu isaa, qormaata Biiroo Barnoota Oromiyafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneef, xiyyeeffannoon olaanaa kan kennamuuf sirna Gadaafi gulantaaleegadaaa ta'uu, qabiyyee kitaaba keessatti hammatamee qormaatarraa kan hindhufne ammoo, muraasa ta'uu agarsiisa.

- Mobayiliin qormaata hojjechuu, barsiisaan naamuusaa ogummaa isaa malee qormaata barattootaaf dalaguufi qopheessitonni icciitii qormaataa eeguu dadhabuun galmaa ga'iinsa qormaata Naannoo irratti dhiibbaa kan geessisaa turan yoo ta'u qabiyyeen kitaaba barataa keessatti dhihaate akka hin gufanneef barsiisota mana barumsaa sadarkaa 2^ffaa^ keessa jiraniifi ogeeyyii barnootaa waajjira barnootaa keessaa dhimmi qorumsaa isaan ilaallatuun waan kennameef walsimataafi hariiroo gaarii kan qabu ta'uu hubanna.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Sakatta'a dookumantii kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa^fi qormaata barnoota Gadaa Naannoo kutaa 8^ffaa^ bara 2013fi 2014, bargaaffii barattootaaf dhihaateefi afgaaffii barsiisatarraa ragaawwan waraqaa qorannoo kana keessatti dhihaatan bu'uureffachuun argannoowwan akka kana gadiirra ga'uun danda'ameera.

- Walsimannaa (Firoomii) qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa^fi qormaata Naannoo barnoota Gadaa waliin yommuu ilaalamu qabiyyee kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo olaanaan kan kennameef, sirna Gadaa fi gulantaalee Gadaati . Damee beekumsa keessaa ammo, akkaataa barbaadamuun dhimma barnoota Gadaan walqabatuu kallattii gama hundaan xiyyeeffannoo olaanaa kan argatedha. Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8^ffaa^ keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo olaanaa qabu sirna Gadaa

fi gulantaalee Gadaa sadarkaafi miseensa garaa garaa qabudha. Kanaafuu, qabiyyee kanarraa ka'uun walsimannaa qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin bara 2013fi 2014 qophaa'an, walsimannaa qabiyyeefi hariiroo kan qabu ta'uusaa agarsiisa.

- Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa keessatti beekumsaafi qabiyyee kitaa barataa irra jiru gama hundaan hammachiisuun dhiyeesseera sababa ta'eef, walsimannaa qabiyyee kan qabu ta'uun isaafi qormaata Naannoo irraa kan jiru qabiyyee kitaaba barataarra kan hin jirre darbee daebee jiraachuun isaa bira ga'ameera. Qormaata Naannoo keessatti ammoo, kan qabiyyee qormaata Naannoo keessaa jiruufi qabiyyee kitaaba barataarra jiru kan walsimateefi hariiroo qabu ta'uun beekameera.

- Gama damee beekumsaan yeroo ilaalamu ( gulaandaaleefi sadaraalee Gadaa, jilootaafi ardaalee jilaa, miseensota Gadaafi gahee hojii isaanii, umurii Gadaafi leenjii miseensota Gadaa sadarkaa garaa garaarra jiraniif kennamu, kunuunsa daa'immaniifi maangudootaaf sadarkaa addaa addaatti taasifamu, dhaha, aadaafi duudhaa, hedannaa Oromoon qabuufi meeshaalee ulfoo garaagaraa) qormaata Naannoo keessatti dhihaataniiru; haa ta'uyyuu malee akkaataan facaatii isaanii garaa gara ta'uun isaanii bira ga'ameera. Kunis: qabiyyee kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa akkuma qabu; qormaata Naannoo keessattis akkasuma xiyyeeffannoo olaanaa kennamuusaa beekameera. Kanaafuu wasimannaan qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8ffaafi qormaanni Naannoo Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin bara 2013fi 2014 qophaa'e, hariiroofi firoommii waan qabuuf wal simannaa qabiyyee qabaachuun bira ga'ameera.
- Akaataa qabiyyeen kitaaba barataa qabiyyee qormaata Naannoo waliin walsimatee dhihaachuufi dhihaachuu dhiisuun isaa adda kan ba'eefi galma ga'iinsa qormaata Naannoo irratti dhiibbaa kan geessisan adda ba'uun isaanii kan beekame yoo ta'u, hanqinni darbee darbee haala dhiheessi qormaata  biiroon barnoota oromiyaafi biiroon bulchiinsa magaalaa finfinnee qopheessan keessa jiraachuun isaa bira ga'ameera.
- Walumaagalatti walsimannaan qabiyyee qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin bara 2013fi 2014 qophaa'e, qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa irra jiruun hariiroofi

firoommii haa qabaatu malee, walsimannaan qabiyyee qormaata gama lamaaniinuu qophaa'e kan bara 2014, qormaata bara 2013 caalaa walsimannaa qabiyyeefi hariiroo gaaffilee walfakkattaniifi lakkoofsa garaa garaarratti argaman qabaachuun isaa sakattaa dookimentii taasifameen bira gahameera.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Qorumsi Naannoo kamiyyuu kan kennamu ga'umsaa barattootaa adda baasuudhaafi. Qorannoo kunis, kan inni irratti xiyyeeffatu, qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$fi qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ bara 2013fi 2014 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin qophaa'an walsimannaa ykn firoommii isaan qaban sakatta'uun bu'aa argamerratti kan xiyyeeffatudha. Bu'aa argame kana bu'uura taasifachuun yaada furmaataa akkataa kanaa gadiitti dhiyaateera.

- Gama maraan dhimma itti fayyadama beekumsa barnoota Gadaa keessaa irra caalaa qabiyyeen kitaaba barataa keessatti hammatamee jiru qabiyyee sirna Gadaa keessatti gochoota raawataniifi adeemsa inni keessa darbudha. Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ bara 2013fi 2014 Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin qophaa'an keessatti hammatamaniiru; qormaata biyyaalessaa keessatti garuu, darbee darbee qabiyyeen kitaaba barataarra hin jirre jiraachuufi bakka tokko tokkotti gaaffileen qophaa'an waan wal hin simanneef, hanga danda'amaa ta'etti, dameewwan beekumsaa hunda akkaataa wal qixa ta'eefi dandeettii barataan walgituufi qabiyyee kitaaba barataarrajiru wajjin haala walqixa ta'een osoo qophaa'ee gaarii ta'a.

- Yeroo qormaanni Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ qophaa'uu irra caalaa qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo qaban bu'uura taasifachuun yoo qophaa'e fudhatamummaa qaba. Akkaataa walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata Naannoo irratti komii barattoota deebii osoo argatee gaarummaa qaba.

- Qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ qopheessuu keessatti akkaataan dhiheenya walsimannaa qabiyyee, Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfineetiin qophaa'an ajajaafi qajeelfamoota walfakkataa

haaqabatan malee, gosa barnootaa garaa garaa irratti maxxananii dhiyaatan tokko gosa barnoota hawaasaa waliin yoo bahu kaan immoo, barnoota Afaan Oromoo waliin dhiyaate. Kanaafuu, hanga danda'ametti xiyyeeffannoo walfakkaatuun osoo deemameefi gosa barnootaa walfakkatutti osoo maxananii baay'isee bayeessa.

- Qormaata Naannoorratti qabiyyeen kitaaba barataarra hin jirre osoo hin qophaa'an ta'e filatamadha. Qorannoo kana keessatti, Qormaata biyyaalessaa keessatti darbee darbee gaaffileen dandeettii barataan wal hin gitneefi walsimannaa qabiyyee hin qabne dhiyaatanii jiru. Kanaafuu osoo itti yaadamee. Qabiyyeen kitaabarra jiruufi qormaanni gama biiroo barnoota lamaanii keessatti qophaa'an haala walgitiinsa qabuun qaphaa'uun barbaachisaadha.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti*, Finfinnee: Efficency Printing Press.

Adugnaw Alamneh. (2002). *The Practices of the Ethiopian national Examination Administration since the Establishment of the National Organization for Examination* (NOE). (Unpublished M.A Thesis ).

Alderson, J Wall, D.(1995).*Language Test Construction and Evaluation*. Cambridge: Cambridge University Press.

Allison (1999).*Language Testing and Evaluation: An IntroductoryCourse*. Singapore: Singapore University Press.

Argaw Sileshi. (2004). *The content validity of the EGSEC English Language Examination*. (Unpublished M.A.Thesis).Addis Ababa. Addis Ababa University.

Atkins John, Hailom Beteyerga and Nunu Muhamed. (1996).*Skill DevelopmentMethodology PartII.*Addis Abeba: Addis Abeba University Printing Press.

Bachman, L.F. (1990). *Fundamental Consideration in Language Testing*. Oxford: Oxford University Press.

Bachman, L. F. and Palmer, A. S. (1996).*Language Testing in Practice*. Oxford: Oxford University Press.

Bachman, L.D.(1990*). Fundamental Consideration in Language Testing*.Oxford: Oxford University Press.

Baker, D. (1989). *Language Testing*: A critical Survey and Practical Guide. London: Edward Arnold.

Biiroo Barnoota Oromiyaa.(2010).Qajeelfama Bulchiinsa Qorumsa Daree Kutaalee 1-12. Oromiyaa, Finfinnee.

BBO. (1996 ). *Kitaaba barataa kutaa sagaliifi kudhanii*. Commercial Printing Interprise.

Brown, F.G. (1981). *Measuring Classroom Achievement*. New York: Holt, Rinehart and Winston.

Brown, J. D. (1996). *Testing in Language Programs*. Prentice-Hall, Inc. Printed in United States of America.

Brown, J. D. and Hudson.(2002). *Criterion-referenced Language Testing*. Cambridge: Cambridge University Press.

Brown, H.D. (1994). *Principles of Language learning and Teaching*. Engle Wood Chiffs: Prentice Hall Regents.

Brumfit,C.J.(1984).*Function and Structure of a state school syllabus for Learners of second*

Byrne, D. (1984). Integrating skills.In K. Johnson, & K. Morrow (Eds.), *Communication in the classroom*. London: Longman.

Creswell, J.W.(2009).*Research Design Qualitative,Quantitative and MixedMethods Approach*: University of Nebraska –Lincoln.

Cohen. (1994). *Research methods in Education,4th* Ed. London:Routlegde.

Cook.G. (2003).*Applied Linguistics*,Oxford:Oxford University Press.

Cumming, A. H., & Berwick, R. (1996). Validation in language testing (Vol. 2): Multilingual Matters.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*:Finfinnee,Boolee.

Davis,A.(1990).Principles of language testing.Cambridge, MA:Basil Blackwell.

Desalegn Chalchisa and Girma Lemma, (2009).*Measurment and Evaluation Manual ForHigher Education Inistitution:* Addis Ababa University: AAU printing press

Dirribaa Oliiqaa, (2011), *Sakatta'a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodelaafi Biyyoolessaa Kutaa 10fi11 Xiyyeeffannoo Bara 2010,* waraqaa qorannoo hin maxxanfamiin

Douglas Brown(2003).*Language Assessment: Principles and Classroom Practices.*

San Francisco, California.

Donath Group,Inc. (2005). *Test Item Writing Best Practice*. Useful and Practical Consideration.

Dublin,F.and E.Olshtain. (1986). *Course Design: Developing Programmes and Materials for language learning*.Cambrige University Press.

Farhady, H. (1986). *Fundamental Concepts in Language Testing (3) Characteristics of Language Tests*: Item Characterisrics. Iran University.

Gronlund, Norman. E. (1990).*Measurement and Evaluation in Teaching* , 6th Ed. Macmillan published Company. New York, London

gsi.berkeley.edu/media/Academic-Misconduct.pdf

Harrison, A.(1983).*A Language Testing Handbook*.London:Macmillan publishers.

Heaton ,J.B.(1975). *Writing English Language Tests .London:* London Group Limited.

_________. (1988).*Writing Engilsh Language Test*: A practical Guide to Teacher of Enlish as second or foreign language.Landon: Longman Group Ltd.

_________. (1990).*Classroom Testing*.Landon: Longman Group Ltd.

Henning, G. (1987). *A Guide to Language Testing, Development Evaluation Reasearch*, Cambridge, Massachusetts Newbury House Publisher

Heinich,R. (1993). *Instructional Design Models*.New York:Macmillan Publishing Company

Hughes, A . (1989). *Testing for Language Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

________. (1995).*Testing For Language Teachers*.Cambridge: Cambridge University Press.

_______. (2003).*Testing For Language Teachers*.Cambridge: Cambridge UniversityPress.

Linn, R.L. and Gronlund, N.E. (1995).*Measurment and Asseessment in Teaching(7thed.)*.

Madsen, H. S. (1983). Techniques in Testing. Oxford: Oxford University Press.

Engliwood cliffs: Merill an imprint of printice Hall.

Ministeera Barnoota Itoophiyaa.(2005).*Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa* 9ffaa.Kampala-Uganda.MK publishers Ltd.

Ministeera Barnoota Itoophiyaa.(2005).*Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa*. Kampala-Uganda.MK publishers Ltd.

Ministeera Barnootaa.(1996). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10:Qajeelcha Qophii Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa*,Biiroo Barnoota Oromiyaa.

McNamara, T. F. (2000). Language testing.Oxford [England]; New York: Oxford University Press.

McNamara, T. and Roever, C. (2006).*Language Testing: The Social Dimension*. University of Michign. Blackwell publishing, Ltd

Nunan, D.(1988).*The Learner-Centered Curriculum*.Oxford:Oxford University Press

Qajeelcha Qophii qo'annoofi Qorannaa Sirna Barnootaa. (B.B.O).(1995). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo*:Oromiyaa,Finfinnee

Oller, J.M. (1979). *Language Tests at School*. London: Longman Group Limited

Palmer, A.S.& Lyle, F Bachman.(1996*). Basic Concerns in Test Validation*. The British Councel (English Language Document)

Saeed, R. R. and Noor, M. ( 2011 ). *Test Item Construction Techniques*.

Toora Inteerneetiirraa: https://www.*collinsdictionary.com/dictionary/english/examination*

Wright, T. (1987).*Role of Teachers and Learners.*Oxford: Oxford University Press.

Weir, C. J. (1990).*Communicative language testing*. New York: Prentice Hall.

Xibabuu Roorroo (2008). *Qaaccessa Gahumsa Qabiyyee Moodela Qormaata Afaan Oromoo*

*Kutaa 10 Bara 2007.* Waraqaa Qorannoo Hin Maxxanfamiin

___________.(2005). *Language Testing and Validation*: An Evidence-Based Approach. Printed and bound in Great Britain.

# Dabaleewwan

## Dabalee-A

## Afgaaffii barattootaaf dhihaate

Afgaaffiin kun qaaccessa walsimannaa qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qopheessan kitaaba barataa barnoota Gadaa wajjin walsimannaa isaan qaban odeeffannoo funaanuuf kan qophaa'edha. Kanaafuu, deebii isin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa akka ta'uu hubattanii, amanamummaadhaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Gargaarsa anaaf taasiftaniif Galatoomaa!

Gaaffilee dhihaataniif filannoo keessan duratti mallattoo (√) saanduqa keessa kaa'aa.Yoo yaada dabalataa qabattan barreessuu hin dagatinaa.

Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Maqaa Mana Barumsaa: ______________________________________________

Saala: Dhiira □ Dhalaa □

Umurii: 15-20 □ 25-30 □ 30-40□

Kutaa baratan: Kutaa 8ffaa □

1. Hariiroon Qabiyyeen kitaaba barataafi qormaata Naannoo kan bara 2013ALI gidduu jiru

   A. Baay'ee gaarii □ B. Gaarii □ C. Gad aanaadha □

2. Qophii qormaataa keessaatti qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 8ffaa qormaata naannoo kan 2013fi 2014 ALI wajjin wal simannaa qabu?

   A. Eeyyee □ B .Lakki □ C. Hanga tokko □

3. Qormaanni Naannoo kan bara 2013fi 2014 ALI qophaa'e qabiyyee kitaaba barataa kan bu'uura godhateedha?

A. Eeyyee □ B.Lakki □ C.Hanga tokko □

4. Qormaata Naannoos ta'e kan Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee bara 2013fi 2014 ALI qopheessan keessaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa 8ffaan ala gaaffileen qophaa'an ni jiru?

A. Eeyyee □ B. Lakki □ C. Muraasa □

5. Qormaata Naannoo keessatti qabiyyeen irra caalaa hammataman:

A. Dabballeefi kunuunsa isaanii □ B. Jilootafi ardaalee jilaa □ C. Gadaafi sadarkaalee isaa □ D. Beekumsaa waliigalaa □

6. Qabiyyeen qormaata Naannoofi Bulchiinsi Magaalaa Finfinneen bara 2013fi2014 ALI qophaa'e irra caalaan isaa:

A. Gadaafi sadarkaalee isa □ B. Dabballeefi kunuunsa isaanii □ C. Beekumsaa waliigalaa □ D. Jilootafi ardaalee jilaa □

7. Qormaata Naannoo kutaa 8ffaa bara 2013fi 2014 ALI qophaa'e keesssatti qormaanni qabiyyee kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessa jiraatee kan qormaata Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessa hin jirre ?

A. Faajjii □ B. Dhahaafi hedannaaa □ C. beekumsa waliigalaa □ D. kabaja □

8. Qormaanni Naaannoo yeroo qophaa'u qabiyyee silabasii irratti hin xiyyeeffatu yoo ta'ee rakkoo maal maaltu uumamaa jettee yaada?

A. Rakkoo hubannoo □ B. Rakkoo walsimannaa qormaataafi kitaaba barataa □

C. Rakkoo baruufi barsiisuu □ D. Hunduu deebii ta'uu danda'u □

9. Galma ga'iinsa Qormaata Naannoo irratti dhiibbaa fiduu kan danda'an?

A.Mobaayiliin hojjechuu□ B. Walirraa waraabuu □ C. Barsiisaan ofiin dalaguu □

10. Qormaanni Naannoo kan bara 2013fi 2014 ALI qabiyyeen isaa wal fakkaataa?

A. Eeyyee □ B. Lakkii □ C. Darbee darbee □

## Dabalee-B

### Yuunvarsiitii Finfinnee

## Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Af-Gaaffiilee Barsiisota Barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa Barsiisaniif Qophaa'e.

Gaaffileen dhihaatan kunneen barsiisota Barnoota Gadaa Kutaa 8ffaa barsiisaniin kan deebi'uudha.

**Gaaffilee siif dhiyaatan deebisuuf argamuu keetiif durseen si galateefadha.**

Kaayyoon af-gaaffichaa walsimannaa qormaata Naannoo barnoota Gadaa kutaa 8ffaa Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 qopheessan kitaaba barataa barnoota Gadaa wajjin walsimannaa isaan qaban adda baasuun qaama ilaaluuf dhiheesuuf. Kanaaf, odeeffannoo sirriifi dhuga qabeessi kennitu baay'ee murteessaafi bu'aa qorannoo kanaaf iddoo guddaa waan qabuuf, afgaaffiilee kanneen haala iftoominaafi dhugummaa qabuun akka kennitu abdii guddaan qaba. Kana gochuu keetiif immoo, dursee odeeffannoo ati naaf laattu kun, hojii seera-qabeessa qorannoo qofaaf kan oolu ta'uun kabajaan waadaa siif gala.

**Ajaja I. Odeefannoo Waliigalaa**

Maqaa Mana Barumsaa ________________________________________

Saala_____________________________________________________

Umurii____________________________________________________

Sad.Barnootaa______________________________________________

Barnoota Ittiin Leenji’e/te Ijoo______________________Aantee_________________

Muuxannoo Barsiisummaa Waggaa__________________________________________

**Qajeelfama II. Haala Gaafatamteen Deebii Ifaafi Dhugummaa qabu afaaniin deebisi.**

1. Qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti dhihaate qormaata Barnoota Gadaa Naannoo kutaa 8ffaa wajjin walsimannaa isaan qaban maal fakkaata?
2. Qormaanni qabiyyee kitaaba barataa keessaa osoo hin jiraatiin qormaata kutaa 8ffaa Naannoo bara lamaanii (2013fi 2014) keessaa kan qophaa’e ni jira?
3. Qormaanni naannoofi Bulchiinsa magaalaa Finfinneetiin bara 2013fi 2014 ALI qophaa’e irra caalaan isaa maal of keessatti hammataa?
4. Qormaaanni Naannoo kutaa 8ffaa kan barnoota Gadaa bara 2013fi 2014 ALI hunduu qabiyyee kitaaba barataa kutaa 8ffaa kan bu’uureffatedha?
5. Qophiin qormaataNaannoofi Bulchiinsa magaalaa Finfinnee kutaa 8ffaa kan bara 2013fi 2014 ALI hanqina maalii qaba?

**Dabalee –C**

## Qormaata Naannoo Oromiyaafi Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin Bara 2013fi 2014 Qophaa'an

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi kanaan duraa yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhihaannee ta'uusaa; akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhe, wabii keessattis kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa: Ashabbir Zallaqaa Waldee

Mallattoo________________________________________

Guyyaa ________________________________________